

ERGAMA KOO

 Galatoomi, obboleessa koo.

² Galgala gaarii. (Galatoomi, obboleessa.) Hunda keessaniif algala gaarii. Galgala ba'uu kootti baay'ee gammada; miira gaaiin qaba. Erga walga'ii galgalaatii miira gaariitu natti dhaga'ama. Dubartiin hiyyeettii qaroo dhabeettii qaroon ija ishee deebi'ee arguun koo anaaf eebba guddaa ture. Kanneen biroo hedduudhaafis. . .

³ Har'a dubartii tokko kan jajjabeessu xalayaan naqaqabe, tarii amma ta'a, kaleessa galgala booda walga'ii isa dhumaa dura waan halkan hunda ollaa isheetti ta'e wantoota tokko tokko natti himaa turte, Gooftaan dubartii yeroo dheeraaf guutummaatti gurri ishee hin dhageenye akkamitti akka dhageettii deebise, kana—jechuun, Ergamaan Gooftaa gara manaa isheen keessa jirtu dhufee dhageettii isheedhaaf kenne. Isheenis qofa sirriitti dhaga'uu ni dandeessi. . . Dhugaa ba'umsa ishee, achi irratti akka barreessitu barbaanna. Kanaaf, sun baay'ee gaarii dha. Sanaaf ni gammanna, qofa sirriitti gammanna.

⁴ Kanaaf, walga'ii sana dilbata galgala cufuuf karoorfannee turre, garuu akkas gochuu dhiisuun gaarii ta'a jennee murteessine, tarii xiqqoo yeroo dheeraa itti fufuu nuuf wayya. Nuti. . . Itti fufuuf turre. . . [Gumiin harka rukuta—Gulaalaa.] Glatoomaa. Guutummaatti galatoomaa. Baay'ee galatoomaa, sun miirri gaariin akka natti dhaga'amu godha.

⁵ Kana kanan godhu, ani wal tumsa asii waan hin qabneef osoo hin ta'in, garuu kabaja Obboleessa Firiimaaniif ture, argitanii, yeroo inni qabu wal fakkaataa irratti anis qabachuu hin barbaanne. Anis walga'ii isaa karaa kamiinuu ni gufachiisa jedhee osoon yaadee, akkas hin godhun ture. Garuu—ani—yeroo muraasa dura yaadannoo xiqqoon qaba ture, kanaaf amma waa'ee isaa miirri gaariin natti dhaga'ama, sun—sirrii dha, kanaaf. . . Glatoomaa. Baay'ee galatoomaa.

⁶ Sababni walga'iin keenya qabamaa ta'eef Obboloota tajaajilan tokko tokko biratti xiqqoo wal irra bu'eera, magaalaa tokko yeroo tokko dhaqne. Nuyi sana gochuu hin barbaannu dhugaa dha. Garuu akka waan nuti ariifachuu yaalaa jirrutti isin nammoonni akka yaaddan hin barbaannu.

⁷ Garuu yaaqoob boolla bishaanii qotee, warri Filisxeem isa ari'atan, jedheen amana, innis Hammeenya jedhee waame; kan biraa tokkos qote, ammas isa har'atan, innis Wal falmii jedhee waame; kanaaf isa sadaffaas qotee, akkas jedhe, “Hunda keenyaaf bakki jira.” Kanaaf. . . Galatoomaa. Baay'ee Galatoomaa.

⁸ Kanaaf, anii fi Obboleessi keenya Firiimaan magaalaa xiqqoo, Chikaagoo sana keessa turre, tole, kophaa isa dhiiseen ture, beektuu, nuti isas arganneerra . . . Garuu Kaaliifoorniyaatti hunda keenyaaf bakki jira, asitti boolla guddaa qabna. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessaa. Magaalaan kun iskuweer maayilii dhibbi afurii fi shantama akka taate namni tokko natti himeera. Kanaaf bakka hedduutu jira, mitii ree? Namoota dhukkubsatan hedduunis, akkasuma, fayyaa isaaniif jecha, kanaaf as dhufu. Waaqayyoo lamaan keenya, asitti walga'ii guddaa akka nuuf godhu, tajaajila bakka hundumaas akka eebbisu nan amana, bakka hundumaa kan jiran duulawwanii fi tajaajilawwan nuuf eebbisa.

⁹ Akkasumas boru, Sanbata, Waaqayyo bakka hundatti saba hunda keessaa lubbuuwwan hedduu ulfina Isaaf, akka kennu haa kadhannu. Hunda caala, Mana keenya miidhagduu yeroo dhiyoo deemna, beektuu, amma qophaa'aa jirra, kanaaf nuti yoom akka inni ta'u hin beeknu, yeroo hundumaa haa qulqulloofnu.

¹⁰ Nus Isa ni jaalanna; isinis Isa ni jaalattu sirrii dha ykn osoo akkas hin taanee asitti hin argamtan turtan. Waaqayyoo akka jaallattu kan si godhu garaa kee keessa wanti xiqqoon jira, ykn gonkumaa as hin dhuftan ture, Silaa bakka biraatti argamtu. Kanaaf, kana gochuu keessanitti nuti gammanneerra.

¹¹ Kanaaf, galgala edaa—walga'ii guddaatu ture, galgala—kana Waaqayyoo keenyaaf walga'ii guddaan kan biraa ni ta'a jennee eegna. Mee Inni eebba Isaa qofa haa dabaluu. Ammas, boru waaree boodaa, yoo fedha Waaqayyoo ta'e, boru—waaree booda isinitti dubbachuun barbaada, yoo, akkas jechuu dandeenye, lallabuu qofa. Ani, akkuman yeroo kaan isinitti hime, yeroo lallabaan tokko ka'u ani akka gommaa jijjiirraa ti, beektuu. Beektuu . . . Yeroo, gommaan dhumu, bakka bu'aa gommaa kaa'anii ittiin deemu. Egaa nuti . . . Garuu gommaa dhumu tokkollee hin qabnu, ta'us, isaan isatti fayyadamuuf jiru.

¹² Kanaaf boru sa'a boodaa . . . Ani yeroo hunda sa'a booda dubbachuun yaala. Moonnis kennaawwan misiyoonii—walitti—anaaf qabu kunis mishiinaroota biyya alaa biyya fagoo keessa jiran gargaaruuf oola. Misiyoonota jechuun maal akka ta'e hangan ofii koo dhamdhamutti gonkumaa hin beeku ture. Kun ulfina qabeessa dha, garuu, oo maay, namni tokko yoo gargaarsa barbaadu, mishiinara hiyyeessa bakka-fagoo sana jiru inni waan hundumaa dandamatee hojii isaa itti fufa, keessumaa immoo warra humna uumamaan ol ta'e wajjin lola guddaa lolaa jiran.

¹³ Kanaaf, boru waaree boodaa, yeroon nuti qabnu, nan—amana sa'a saddetiif-walakkaa, akkas mitii, obboleessa . . . ? Boru waaree booda sa'a saddetiif-walakkaa. Waldaan—keessan yoo tajaajila hin qabaanne isin yoo nu wajjin taatan baay'ee

gammanna... Amma, boru Dilbata, akkasumas—waldaaleen keessanis tajaajila qabu, tajaajila ofii keessanii osoo hin qabdan ta'ee, osoo ni dhufu ta'ee, nuti baay'ee gammanna. Eyyee, yoo waldaa keessan keessatti tajaajila qabaattan, yeroo tajaajila keessanii bakka itti ramadaman dhaabadhaa, namni hunduu waldaa isaa keessatti hojii isaa haa ba'atu. Garuu yoo waldaa hin qabdan ta'e, ykn... bakka jirtanitti waldaan hin qabdan yoo ta'e, koottaa nu wajjin ta'aa. Duulawwan hunda naannoo magaalaa fi bakka hundatti taasifamaa jiru, ammas yaadadhaa. Waaqayyo... Waaqayyo hojjettoota dabalataa warra midhaan sassaaban akka ergu kadhadaa, dhuguma isaan baay'ee nu barbaachisu.

¹⁴ Kanaaf immoo namoonni jaallatamoo baay'een gara mana isaanii dhaqee akkan isaan wajjin hirbaata nyaadhu affeerraa naaf ergaa jiru, namoota—hundaaf, oo, osoon akkas gochuu danda'ee, dhuguma nan hawwa. Anis kana gochuu nan barbaada, garuu, akkas gochuun naaf ulfaataa dha, Isa tokko wajjin deemee isa kaan immoo yoon dhiise ani nan sodaadha. kun tarii nama sana isa kaan caalaa akkan isaaf yaadu isaanitti fakkeessuu danda'a, garuu ani akkasitti hin yaadu. Garuu ani—hunda keessan nan jaaladha, isinis akka na jaalattan nan barbaada, yoo Gooftaa jaalanne, waliifis akkasuma nutti dhagahama. Kanaaf, sana booda nuti... Guyyaa tokko, isin hundumaa wajjin irbaata nyaachuuf deemaan jira. Ameen. Sun ajaa'ibsa hin ta'uu? Ani qofa nan yaada, lolli hundi xumamee aarii hundis erga bittinnaa'ee booda, achi ol baanee, warra jaallannu wajjin wal arginee, sana booda Isa wajjin wal arginee, teessoo tokko irratti wal faana wal fuullee teenya. Kun baay'ee ajaa'ibsiisaa hin ta'uuree? Gonkumaa uleen ykn wiilchariin naannoo teessoo sanaa hin jiru, gonkumaa lakki... Oo, sun ajaa'ibsiisaa mitii ree?

¹⁵ Achiis bakka sana hunda yommuu arginu teessoo sana gama ilaalee, anis akkasin jedha, “Tole, Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa koo. Maay!” Achiis qofa—xiqqoo boowuu qabna. Isin hin amantanii? Yoo dandeenye, gammachuu irraa kan ka'e xiqqoo ni boonya.

¹⁶ Sana booda mataa teessoo irratti Mootiin keenya ulfina Isaa wajjin ni dhufa. Inni hunda keenya gidduu deema, harka Isaan nu marsee, akkas jedha, “Ati baay'ee dhiphatteetta, Anaaf jettee wanta baay'ee keessa darbiteetta” nuun jedha. Imimmaan ija keenya irraa haxaa'ee, “Amma, kana booda hin booyin. Nu—hundaan... Hundumtuu xumurameera,” nuun jedha. Oo, yeroo guddaa sana! Kan as jirruuf kanaafi, mitii? Harki isaa naannoo keessan yoo ta'u miirri ajaa'ibaa isinitti dhaga'ama, “Amma hin booyin. Gara gammachuu Gooftaa seeni, lola gaarii lolteetta,” nuun jedha. Kanaaf yeroo as jirruu fi carraa kana qabaannu, lola gaarii, lola dhugaa haa lolu.

¹⁷ Macaafa Qulqulluu muraasa dubbisuun barbaada, sana

booda kallattiidhaan gara sarara kadhannaa seenna, Kanaaf yeroo gaarii ta'e qabaanna, namoonni ganamaan haa ba'an, kana jechuun mana barumsa Dilbataa ganamaaf hin barfattan. Yoo dandeenye, qabatamaan dafnee gadhiisuu, aadaa godhachuuf yaalaa jirra, kanaaf, galgala waan itti fufaniif, namoonnis gara hojii deemanii deebi'aniis dhufuu danda'u.

¹⁸ Yeroo jalqabaaf as kan dhuftan meeqa? Harka ol kaasaa ni ilaalla, hedduudha... Maay, sun ajaa'iba! Mee harka haa rukunnu, warra harka hin baafne hundaaafis... Sun ajaa'iba! Sirrii dha. Maay, isin qabaachuu fi isin wajjin wal baruu keenyatti baay'ee gammanna. Osoon harka keessan fuudhee isin simadhee nan hawwa. Garuu Hafuurri Qulqulluun harka Isaan naannoo keessan akka marsu nan kadhada, akkas jedhee, "Kunoo waan inni jedhu, sun isini—baga nagaan dhuftan."

¹⁹ Ammas, tajaajila keessatti, tajaajiloonni keenya xiqqoo adda, kan duraanii irra, kan nuti ittiin dhufnefayyina Waaqummaa, inni hojii isa uumamaan olii Isa nuti waggoota muraasan dura argannee jalatti dha. Sunis barsiisa warra Baaptistii isa cimaa sanaa dha, ani... Isin yeroo baay'ee kanan ani sakatta'u ni dhageessu, waa'ee Baaptistii ta'uu, amma, ani—Baaptistii—miti, ani—Kiristaana, kanuma. Ani ammas Baaptistii ta'ee, Kiristiyaana ta'uu nan danda'a, hubattanii.

²⁰ Garuu—yeroo dhiyoo Liitil Rookitti, ani... namichi kiraanchii qabu tokko ture, innis... waggaa baay'ee isaan irratti hundaa'ee ture, innis sarara keessa gale, Waaqayyos isa fayyise. Oo, inni baay'ee gammadee ture! Iyyaa, karaa keessa deemaa kiraanchii isa tokko kan biraa irratti fannisee, Liitil Rook keessatti, nama hundumaaf dhugaa ba'aa ture.

²¹ Guyyaa biraa immoo, gara tajaajilaa dhufee, ol ka'ees, akkas jedhe, "Obboleessa Biraanhaam, akkas jechuu keen dhaga'e... Kana sirriitti hubachuu hin danda'u." Innis, "Lakki," jedhe, "Ani lallabuu kee yeroon dhaga'e, Naazireet akka turte mirkaneeßeera." Inni akkas ture. Akkas jedhee, "Ati Naazireet akka turte ani mirkaneeffadheera." "Sana booda namoota Pheenxeqoosheen arge, anis, 'Lakki, inni Pheenxeqoosxee dha,' jedheen. Kunoo Baaptistii akka taate dubbateetta." Innis, "Ani—kana hubachuu hin danda'u" jedhe.

Anis, "Oo, sun salphaa dha, abbaa koo." "Ani Pheenxeqoosxee-Baaptistii-Naazireetii dha," jedheen.

²² Kanaaf, sun... Eeyyee. Waaqayyo hunda keenya ni jaalata. Karaa Ilma Isaa, ijoollee dhiirotaa fi dubartootaa lammata Mootummaa keessatti dhalanne dha.

²³ Dhugumatti, ani... sun dha... Ani waldaa Baaptistii Missionaarii keessattin mudame, ergasiis ani walda kamiyyuu keessatti hin mudamne. Garuu gara tajaajila fayyina Waaqummaatti dhufuun, isa kana tajaajila walitti dhufeenya evanjelikaalaa, tajaajila dhabbata amantii gidduutti nama

hundaafan taasisa. Qofa . . . Waaqayyo taartiibaan ati Methodistii dha, ykn Baaptistii dha, ykn Kaatolikii dha, ykn maal akka taate matumaa hin gaafatu, ati amantii keetiin fayyita; amantii keetiin fayyita.

²⁴ Egaa, kun amma kallacha barsiisa Baaptistii akka ta’etti akka yaaddan garuu hin barbaadu kennaanii fi waamichi qalbii diddiirrannaan ala yeroon jedhu, fedha Waaqayyoo dursee murteeffame akka ta’e nan amana.

²⁵ Yeroo ani mucaa xiqqaa turetti . . . Har’a . . . Dubartiin fakkii kutaa xiqqaa ani itti dhaladhe sana kan hojjette sun, baay’ee gaarii ture. Yeroon ani dhaladhettis, waan uumamaan ol ta’e tokko gara kuticha keessa dhufee ture, ibsaawwan *achii* keessaa hanga isa tokkoo ta’a. Inni guyyoota jireenya koo hundumaa hanga yeroo kanaatti na hordofeera. Ani maal akka ta’e hin beeku ture. Namoonni . . . Na dura turan Kaatolikii dha. Ani gama abbaa fi haadha koo, lamaanittuu Ayirishii dha; kanaafis dhiifamni jira. Kanaaf, ani—ani—qaba . . . Namni tokkos, “Ati Ayiriish taatee Keentaakii irraa, oo, maay, sun waan hamaa isa taasisa” jedhe. Kanaaf . . . Garuu Waaqayyo naaf araarama, Ilma Isaa Yesuus Kiristoosiin Inni Kiristiyaana na godhe, anis baay’een gammada. Sana boodas yeroon Kiristiyaana ta’e . . .

²⁶ Yeroo ani mucaa xiqqaa turetti, Kiristiyaana ta’uu koo dura, kun gara koo dhufee, natti dubbataa ture, wantoota ta’uu qabanis natti hima ture. Egaa, hanga du’aatti, baay’ee na sodaachisa ture. Ani sodaachaa waa’ee isaas hollachaan ture. Yeroo jalqabaa bosona keessatti, bubble bosona keessa naanna’u fakkaatee . . . Inni natti dubbate, innis gonkumaa akka hin dhugne, ykn akka hin xuuxne, ykn qaama koo akkan hin xureessine natti hime, kunis hojii ani hojjedhu akka jiraatu. Jireenya koo keessatti, nama naamusa qabuutti jiraachuu yaaleera, garuu na hin hubanne ture. Akka warra Biraanhaamota kaanii—waan hin dhugneef, abbaan koolle akkan dubartii guddoo ta’etti, natti dubbate. Garuu garaa koo keessa Wanti akka ani hin dhugne na dhowwu ture; Innis Kiristoos ture. Yaada tokkon qaba, kana irratti ani sirrii ta’uu dhiisuun danda’a, Waaqayyo saba saba Isaatiif eegaa jira jedheen yaada, kunis akka isaan irraa fayyadamanii fi. Sababiin isaa karaa biraa ibsuu hin danda’u, ani uumamaan, nama karaa faallaa sanaa waanan tureef. Namoonni koo hunduu ni dhugu, fi kkf. Akkuma sanyii boqqolloo tokko yoo dhaabdan, yoo sanyiin sun sanyii boqqolloo keelloo ta’e, boqqolloo keelloo oomisha, argitanii, Garuu jijjiiramni yoo hin taane ta’e, yeroo kana immoo, Waaqayyotuu jijjiirama hojjeta.

²⁷ Sana booda, yeroo dheeraaf, inni—gara koo dhufee, natti dubbachaa ture, wantoota ta’uu qabanis natti himaa ture. Tole, ani isa irraa fagaadheen taa’e. Ergan jijjiiramee booda, waldaa koo, waldaa Baaptistii keessatti, tajaajiltoota muraasa fi kkf wajjin, waa’ee isaan mari’adhe, isaanis, akkan irraa fagaadhu na

gorsan, “Gonkumaa isaan wajjin waan wal qabatu hin qabaatin, kun dogoggora. Kanaaf, wanti tokko yoo sitti dhufe,” jedhan, “nuti . . . Bara isaanii—isa uumamaan ol ta’e, sun immoo gama biraatiin.” Akkas jedhe, “Nutu Sagaleedhaan jiraanna.”

²⁸ Guyyaa tokko qubeen ni ajjeesa, Hafuurri garuu Jireenya ni kenna kan jedhun dubbise. Kanaaf, ani—ofirraa dhiibuun yaale. Ani isa beekee, taa’ee hangan danda’e karaa hunda caaluun isa hubachuu nan yaale, anis akkasin jedhe, “Yaa Gooftaa, yoo ani dogoggore, naaf dhiisi.” Yeroo sana gara kutaa sanaa dhufee gara koo ni adeeme, namni tokko, dheerinni isaa hanga faana ja’aa, halluun isaa akka halluu-ejersaa fakkaatu, rifeensa gurraacha hanga gateettii isaatti dheeratu, ulfaatinni isaa paawundii dhibba lama akka ulfaatina namaatti, gara addunyaa kanatti kan na fide namoota dhukkubsataniif akka ani kadhadhuf akka ta’e natti hime, akka amanan yoon godhee fi yeroon kadhadhu yoon garraamii ta’e, wanti tokkollee kadhannaa fuul dura akka hin dhaabbanne natti hime.

²⁹ Ani namicha nan gaafadhe, waan tokkoof hiyyeessaa ta’uu, anis, kanan hin barannee dha, akkasin jedhe, “Namoonni na hin amanan.” Anis, “Ani namoonni akka na amanan gochuu hin danda’u” jedhe.

³⁰ Innis mootota, bulchitoota fi kkf irratti akka ani kadhadhu natti hime; ani garuu sana amanuu hin danda’u ture. Mucaan barnoota mana barumsaa sadarkaa bu’uuraa qabu tokko, mootota fi bulchitootaaf akka—kadhatu, sana amanuu hin danda’u ture. Ta’us, inni matumaa waan dogoggoraa akka natti hin himne nan beeka, naannoo koos dhaabatee ture. Sagalee dhaga’ee, mallattoos nan arge.

³¹ Naannoo aggaa kudha lamaa, garee koo isa jalqabaa cuuphaan ture, erga dadammaqiinsa koo keessaa Jefersanviil, Indiyaanaatti ta’ee booda bakka ani jiraadhu, jechuunis, mana koo ture, qarqara laga Ohaayyoo irra dhaabachuun iddoo . . . [Teepii irratti bakka duwwaa—Gulaalaa] . . . walitti qabamanii turan. Yeroo ani cuuphaa ture, sa’aatii lama galgala keessa, Waxabajjii irratti ture, namni ani bishaan keessatti cuuphaa ture sun nama kudha torbaffaa bakka daangaa Spiringi Stiriitii jala laga Ohaayyoo irratti ture, osoo Wanti tokko dubbatuu nan dhaga’e, Wanti tokkos na qabatee natti dhaga’ame. Anis olin ilaale, yeroon ilaalus, Ulfina irraa gadi dhufee wanti huursu kun bakka ani turetti gadi dhufe.

³² Barruuleen *Kooriyaar Joornaal* waa’ee isaa barruu tokko maxxanse, “Urjiin iccitii qabu paastariin Baaptistii naannoo lagaatti yeroo cuuphaa jiru irratti mul’ate,” jedhe. Isaan adda baasuu hin dandeenye. Oo, tarii namoonni hanga kuma kudhanii ta’an Inni gara bakka ani turetti yeroo Inni socho’u, achiis gara samii deebi’ee ol ba’u arganiiru, kallattiin gara bakkan turetti dhufee deebi’ees gara samiitti ol ba’e. Tole, ani . . . Namoonni

baay'ee Inni maal akka ta'e na gaafatan, anis, "Ani hin beeku" jedheen.

³³ Garuu yeroo wanti kun dhufee, natti hime. . . Yeroo kana, inni nama fakkaatee mul'ate. Yeroo ani namoonni na hin amanan jedhee sodaachuu koo itti hime, inni akkuma Musee mallattoowwan lama sana mirkaneessuuf akka naaf kennu natti hime, jechuunis, namootaaf, ykn nama kamiyyuu, ani dhugaa dubbachaa akka jiru ifa gochuufi dha. Argitanii? Sunuma.

³⁴ Amma, namoonni waan fedhan kamiyyuu dubbachuu ni danda'u, garuu Waaqayyo sun dhugaa ta'uu isaa yoo deebisee hin dubbatiin, inni dhugaa miti; garuu Waaqayyo dhugaa ta'uu isaa yoo mirkaneesse, ani nan amana; Waaqayyo dubbate yoo ta'e, nan amana. Amma, inni dhugaa ta'uu isaa isin akka amantan nan barbaada.

³⁵ Innis jalqaba, harka nama tokkoo qabachuun dhukkuboota akkan adda baasuu danda'u natti hime. Yoon kabaja qabaadhee, ittis—fufe, yeroo murtaa'e keessatti sana gochuu akkan danda'u natti dhufa namoonni jireenya isaanii duraa keessatti, maal akka hojjetan beekuu—fi waan fuuldura isaanii jiru itti himuu akkan danda'u natti hime.

³⁶ Ergasii yeroon qoradhu, Inni Caaffata Qulqulluu keessaa waa'ee Yesuus Nazareetichaa yeroo baay'ee ani dubbadhu na yaadachiise, akka namoonni Isa dogoggoraan hubatan nan beeka ture, anis dogoggoraan akkan hubatamu na beeksise; namoota baay'ee birattis dogoggoraan hubatameera. Garuu baay'een isaanii Ergicha waan amananiif, ani nan galateeffadha. Yesuusis dogoggoraan hubatamneera.

³⁷ Yeroo tokko namni tokko gara Isaa dhufee, Naataan'el obboleessa isaa fuudhee dhufe, sunis qofa gara Ergamaan kun itti agarsiisu dha, ykn—ykn, Filiphoo deeme Naatinaa'eel argate, yeroo inni dhufe, Yesuus akkas jedheen, "Ilaa nama Isiraa'eel, kan haxxummaa hin qabne!"

Innis, "Ati eessatti na beekta, Barsiisaa" jedhe?

Innis, "Filiphoo utuu si hin waamin dura, yeroo ati muka jala jirtun si beeka" jedheen.

³⁸ Amma garaa isaa ilaalaa. Amma, inni duubatti deebi'ee, "Kun waan gowwoomsaa tokko qaba," jechuu danda'a ture. Inni eebba argate sana simachuu hin danda'u ture. Garuu inni, "Ati Kiristoos, Ilma Waaqayyoo, Mooticha Isiraa'eeli" jedheen. Gad kufees Isaaf sagade, Waaqayyoofis galata kenne. Yesuus akka Inni ofiin jedhu sana ta'uu Isaa erga ofii Isaa mul'isee booda, garaan isaa fudhachuuf qophaa'aa ture.

³⁹ Ergasii yeroo tokko, dubartiin tokko gara Isaa boolla bishaanii bira dhufte, hafuura ishee qunnamuuf Inni ishee wajjin dubbate, itti aansuun Innis, "Dhaqi, abbaa manaa kee waami," jedheen.

Isheenis, “Abbaa manaa hin qabu” jette.

Innis, “Ati bayeessa jette, ati shan qabda, kan amma si wajjin jiru abbaa manaa kee miti.”

⁴⁰ Isheenis, “Ati Raajii akka taate nan hubadha” jette, fi kkf. Ergasii gara saba isheetti deemtee, “Kottaa, Nama waanan hojjeche hunda Isa natti hime tokko ilaalaa” jette. Isheen gammachuu keessa turte, Inni garuu waan hojjette hunda, Inni isheetti hin himne. Amma kana ilaalaa: Yoo Yesuus waan sana beeke, Inni waan hunda akka beeku beekte. Argitanii? Sirrii dha. Inni waan hundumaa beekeera Inni yeroo sana beeke, Waaqayyo Isatti ni mul’isa.

⁴¹ Amma hiriyaa koo Kiristaanaa jaallatamaa, lammii Mootummaa Waaqayyoo, yoo hubatte, Yesuus yeroo lafa irra ture Inni ofii Isaatiin homaa akka hin goone dhugaa ba’eera, Inni waan Abbaan mul’ataan akka hojjetu Isatti agarsiise qofa akka hojjete. Sun dhugaa dhaa? Sun sirrii dha. Argitanii? Waan Abbaan Isatti agarsiise qofa. Argitanii? Inni akkas jedhe, “Duguman, dhuguman, isiniin jedha, Ilmi ofii Isaa homaa gochuu hin danda’u, garuu waan Abbaan Isatti agarsiise, Ilmi sana hojjeta.”

⁴² Alaazaar yoom akka du’e beektuu? Yesuus, akka Inni dhufee Alaazaariif kadhatsuuf isaan isatti ergan; Inni garuu hin dhufne, karaa isaa itti fufe. Maaliif isin ajaa’iba. Alaazaar du’uu akka qabu mul’ataan argee ture. Kanaaf yeroo Inni itti fufee deemu, yoo Caaffata Qulqulluu ilaaltu, Inni itti fufe, ammas isa waamuuf ergamanii, Inni hin dhufne, itti fufe. Sana booda Inni . . . Inni “Alaazaar michuun keenya rafaa jira,” jedhe. Ykn, “Inni du’eera,” jedhee Inni ifatti isaanitti hime. Kanaaf Inni, “Garuu isiniif jedhee, ani achi hin jirretti gammadeera, amma garuu dhaqee isa nan dammaqsa” jedhe.

⁴³ Amma, akkaataa Jechoota Isaa Qulqulluu Yohaannis 5:19 tiin, Abbaan waan ta’uuf jiru Isatti dursee itti agarsiiseera, sababni isaa Inni, “Ilmi waan Abbaan Isatti agarsiisu malee homaa hojjechuu hin danda’u” jedheera. Sirrii dhaa? Awwalicha irratti, kadhannaa Isaa ilaalaa. Inni akkas jedhe, “Dhagicha irraa fuudhaa.” Garuu inni erga kaasuuf jira ta’e, dhagicha maaliif irraa fuudhuu? Dubartoonni waan tokko gochuu qabu ture, argitanii. Innis, “Dhagicha irraa fuudhaa” jedhe.

⁴⁴ Innis akkas jedhe, “Yaa Abbaa, Ati waan Na dhageesseef Sin galateeffadha. Garuu Ani waa’ee namoota as dhabbataniifan jedhe.” Qofa kadhannaa irraa deebi’ame, yeroo hunda . . . isaan akka beekaniif qofa, sana booda Inni Alaazar warra du’an keessaa—ni waame.

⁴⁵ Amma, sun sanuma . . . Gooftaan keenya wantoota kana yeroo hojjetu, raajiiwwan kana yeroo dubbatu, akkas jedha waan Abbaan Isatti agarsiise qofa, qofa . . . Inni bakka itti ilmoon harree lama yeroo tokko itti hidhaman ni beeka ture; Inni kutaan

ol aanaa qophaa'uuf jiru bakka jiru beeke akkasumas nama okkotee tokko baatee deemaa jiru akka jiru beeke.

⁴⁶ Tole, nama hafuuraa waanan ta'eef himatameen ture, giddu galeessa waanan ta'eef himatameen ture. Namni tokko immoo guyyaa tokko natti himee ture... "Ati garee... tokko keessa jirtaa," jedhe.

⁴⁷ Yeroo tokko gareen namootaa waldaa kana kan "ANA DHA" jedhamee waamamu, ykn maqaa akkasiitiin waamamu, qaba turee?

Namni tokko ati "ANA DHA" jedhee na gaafate.

"Lakki, ISA DHA, Ana dhas garbicha Isaa," jedhe.

Innis, "Bakka warri ANA DHA turan sana irratti walga'ii hin geggeessituu?" naan jedhe.

Anis, "ANA DHA hammayyuu achin jira." ANA DHA, sun Gooftaa Yesus dha, Waaqayyoo—kenya, Abbaa Isaa, "ANA DHA SUN ANA DHA" jedheen.

⁴⁸ Amma, hiriyyaa koo Kiristaana jaallatamaa, kun dogoggoraan hubatameera, ayyaana Waaqayyootiin, ani—ani—isaa keessaa tokko illee miti, ani obboleessa keessani, ani obboleessa keessani. Ani akka lallabaa guddaa, fi cimaa tokkootti iyyuu, diiguu, deebisee ijaaruu, fi waan hundumaa raasuu hin danda'u ta'a, Akkas ta'uuf hin fakkeessu. Sodaachisuun koos, sana gargaaruu hin danda'u, Waaqayyoo akka sanatti na uume, ani—waanan ta'e ta'uun qaba. Kanuma. Akkaataan ani ta'uu qabu akka Inni barbaadu dha, sun akkaata ani ta'uu qabuu dha. Anis Inni akkan hojjedhu waan natti himu qofan godha. Jalqaba, immoo, sun na miidha... .

⁴⁹ Yeroo tokko walga'ii Kiliivlaandi tokko irratti yeroo dhiyoo, namicha qalama dibate tokko ol dhufee, akkas jedhe, "Carraan koo akka naaf himamuuf kaardii kadhannaa argachuu nan danda'aa?"

⁵⁰ Oo, maay! Anaaf, sun... . Ani—obboleessa hiyyeessa sanatti Waaqayyoo akka hin lakkoofnen kadhadha, Inni dhugaatii dhuga ture, garuu—inni... . Waaqayyoo akkas hin godhu nan amana. Yaadadhaa, isin Hafuura Qulqulluu arrabsuu dandeessu achitti, argitanii. Argitanii?

⁵¹ Ta'u illee, hiriyoota koo, Seexanni toora tokko irratti argateera, ykn waan Waaqayyoo hojjete tokko fakkeessuu, wantoonni inni qabu sun hundi, inni isaan Waaqayyoon fakkeessuf ture. Garuu bakka wanti—sobaa tokko jiru, dhugaan tokko bakka ta'e jira soba kan balleessu, ykn inni soba hin ta'u. Sirrii dhaa? Isin yoo doolara sobaa qabaattan, tole, bakka ta'etti doolarri—dhugaa ta'e immoo ni jira, ykn yoo ta'uu baate, sun isa jalqabaa ti, argitanii, innis soba hin ta'u.

⁵² Garuu Yesus hin hubatamne ture, akkasuma. Inni fannifamee ture. Isaanis Isaan Beelzebuul jedhaniin; Beelzebuul

immoo: mora kan dubbatu, ykn seexana. Beelzeebuul seexana akka ture isin beektuu? Angafa seexanootaa. Isaanis hojiiwwan Isaa dubbatan, hojiiwwan Isaa—Isaa akka Inni wantoota fuul duratti dhufuu fi raawwatamuuf jiran dubbachuu danda’u, Inni seexanoota baasa, innis humna Beelzeebuuliin ture, inni angafa seexanoota ture. Isaan humni Isaa kan raajotaa hundumaatii ol akka ture beekaniiru, Humni Isaa raajota hundumaa caalaa akka ta’e beeku turan, Inni sadarkaa raajii kamiyyuu caalu irra akka jiru beeku turan, Sababni isaas ni beeka ni hubatas, Abbaanis Isa wajjin akka jiru Inni dubbachaa ture, Waaqayyos waan Yesuus dubbatu dhugaa ta’uu mirkaneesse. Garuu waldaan amantii addunyaa alaa, jechuun amanaan addunyaa keessaa tokko warra akkas jedhani, “Inni Beelzebuuli, inni seexanoota angafa seexanootaan baasa.”

⁵³ Garuu hubattaniittuu? Seexanoonni yeroo Isa argan, akkas jedhan, “Nuti Ati eenyu akka taate beekna, Ati Ilma Waaqayyoo ti.” Sirrii dha. Isaan immoo aangoo Isaa hubachuu qabu.

⁵⁴ Amma, “Gooftaa manichaan Beelzeebuul jedhanii yoo waaman, duuka buutota Isaa immoo hangam caalchisanii haa waamani ree?” Isin waanan jechuu barbaade argitanii?

⁵⁵ Anis—nama tokkoof illee akka ani asitti dhufee waan dogoggoraa hojjechuuf yaalaa jiru fakkaatee akka hin mul’anne nan abdadha. Ani—nama gowwoomsaa ta’uuf yaaluu mannaa, dhiisee gara manaatti deebi’uun filadha.

⁵⁶ Halkan darbe namni tokko mana kana keessa ture, ani nama gowwoomsaa akkan ta’e, miira cimaa, fi jabaa, qaba ture. Ani waan sana nan beeke, ilma koottis nan hime. Har’as xalayaa dubartiin tokko ergite dhufee waan sana mirkaneesse, mucaan koo dhiiraa ilaalee, akkas jedhe, “Achi ilaali, Abbaa. Qofa waan ati...”

Anis, “Eeyyee. Akka inni dhufu nan beeka ture, argitee, ’akka inni dhufu Inni natti agarsiiseera” jedheen. “Halkan darbe Inni achi ture,” jedheen.

⁵⁷ Nama achi taa’uuf, “Ani dogoggorsiisaa miti,” yeroon dubbachaa ture dhageessee? Inni akka sana yaade beekeera, ani fakkeessaa akkan ta’e dubbate. Tole, yoon fakkeessaa ta’e, koottaa dogoggoraa akkan—ta’e mirkaneessaa, sirrii dha. Argitanii?

⁵⁸ Ani—homaa—miti garuu garbicha—Gooftaa ti, akkuma isin Kiristaana taatan qofa. Argitanii? Ani homaa gochuu hin danda’u, kan ani gochuu danda’u, waan Waaqayyo natti agarsiis qofa, Kan Inni na agarsiise darbee homaa gochuu hin danda’u. Mul’atoota kana keessattis, Inni wantoota dhufanii fi raawwatamuuf jiran na agarsiise, wantoota namoonni hojjetan sana natti agarsiise.

⁵⁹ Jalqaba irratti, naannoo waggaa lama, ykn, xiqqoo waggaa lamaa ol, naannoo waggaa sadii, karaan ani ittiin beeku tokko

qofa yeroon harka namaa qabadhe innis waan keessummaa fakkaatu—harka irratti agarsiisaa ture. Waaqayyo immoo kan xiqqoo burjaaja’ummaa fiduuf deemu sana beekeera. Yoo sirrii ta’e garaa koo irraa waa dubbachuu nan danda’aa? Argitanii? Namoota baay’etu ture kan fuul duratti dhufanii erga deebi’aniis miira keessummaa harka isaanii keessatti qabaachaa turan, argitanii, isaanis yaada dogoggoraa akka waan ati miira ta’e tokko harka kee keessaa qabaatee sanaan namoota fayyiftuutti kan yaadan jiru. Baay’een gara koo dhufanii, akkas jedhu, “Obboleessa Biraanhaam, humna fayyinaa akkan argadhu qabadhuu ilaali.”

⁶⁰ Lakki, amma isinittan hima, hin qabdani. Fayyinni humnaa Yesus Kiristoos qofa keessa jira. Sirrii dha. Kanuma. Kanuma! Kan isin gochuu qabdan namoota gara sanatti agarsiisuu qofa dha. Sunis wantan gochuu danda’u dha, ykn namni kamuu kan gochuu danda’u namoota gara Yesus Kiristoos Isa isaan fayyise sanatti agarsiisu qofa. Yeroo Qaraaniyoo irratti du’e, Inni gatii guddaa kaffaleera. Inni kaffaleera... Eebbi nama furu hundi kan Inni Qaraaniyoo irratti du’ee sababa kanaatiifis kaffalameera Waaqayyo duratti, gatiichi guutummaan guutuutti kaffalameera, Waaqayyoo durattis isiniif dhiifameera, isin suuqii qabeenya gurgurtaa irraa fuudhatani. Sirrii dha. Wanti isin taasifan tokkichi, karaa Kiristoosiin amantii fudhachuu, suuqii gurgurtaa qabeenyaa keessaas ba’uu dha, kanuma.

⁶¹ Inni Michuu keenya nu Furu dha. Sun sirrii mitii? Waaqayyo fooniin mul’atee bakka keenya fudhachuuf, Fira keenya ta’uuf dhufe. Akkuma Macaafa Ruut, Seera Ba’uu, fi kkf keessatti, akkaataa inni itti lallabu, barsiisu akkaataa nuti fira Waaqayyoo taane, Waaqayyo gadi bu’ee Ilma Isaa, Yesus Kiristoos keessa jiraatee, Fira dhiyoo nuuf ta’e. Akkasuma Inni Fira keenya kan nu Fure dha. Isiraa’eel durattis seensa irratti dhugaa ba’umsi ifaan ta’uufii qaba, akkuma Bo’eez Na’oomiin akka dhugaan furate agarsiisuuf kophee isaa of irraa baase, yeroo Na’oomiin furus Ruutiin haadha manaa godhate.

⁶² Yesuus yeroo Israa’elin fure, Misirroo Ormoota keessaa argate. Inni dhugaa ba’umsa ifaa taasise: balbala Yerusaalem keessaa alatti, samii fi lafa gidduutti akka Alaabaa tokkootti ol fannifame. bakki sunis bakka gatii guddaan kaffalamee ture dha, achitti kan nuti furamnee turre. Akkasumas dhaalli keenya kan badee ture sun, fayyaan keenya, jabinni keenya, fayyinni keenya, kan kufaatii keessatti nu jalaa bade sun hunduu Qaraaniyoo irratti nuuf furameera. Inni kanuma.

⁶³ Obboleessaa, fi obboleettii koo, inni hamman ayyanaan kadhachuu kee miti, ykn hammam saantima kennuu kees miti, inni amantii keeti kan Inni siif hojjete akka amantu gara fuul duraatti kan si fide. Sirrii dha. Cubbamaan hundumtuu galgala kana fuula Yihowaa Waaqayyoo duratti fayyeera, garuu homaa waan gararii siif hin godhu hanga simattutti, isa amani, qalbi

jijjiirradhu, sana boodas Waaqayyoo duratti Inni Angafa Lubaa qalbii diddiirrannaa sirrii taasisu dha.

⁶⁴ Eebbi furamuu kamiyyuu, isin yoo dadhabdan: “Inni cubbuu keenyaaf madaa’e, balleessa keenyafis ni waraaname: adabbiin cubbuu keenyaa Isa irra jira; madaa’uu Isaan fayyine.” Inni raawwatameera, isin isa fudhachuu qofa.

⁶⁵ Amma, tajaajilaan tokko Dubbicha fudhatee isas ibsuu danda’a. Ani nama hin baranne dha, ani waa’ee Dubbichaa baay’ee hin beeku, karoora fayyinaa fi wantoota Waaqayyoo natti mul’ise qofan beeka. Inni semiinariin ykn barsiisuun gonkumaa hin dhufu, inni mul’ata Hafuuraa qofaan dhufe. Wanti ani beeku, Waaqayyoo akka naaf kenne dha. Achii immoo, waa’ee Dubbichaa baay’ee akkan hin beekne dha, wantoota kanneen biroo Inni naaf kenne kun isinitti dhugaa akkan dubbachaa jiru isiniif mirkaneessa ta’uu danda’u.

⁶⁶ Waaqayyoo immoo hunduma isaa beeka . . . Ani miliyoonota duratti lallabeera, garuu yeroo ani waan tokko illee nan godha jedhee dubbadhe gonkumaa hin turre. Ulfinni sun hundumtuu gara Yesus Kiristoos, Ilma Waaqayyoo, Isa isin deebisee furetti deema. Anis akkaataa Inni dubbatuu fi jedhu qofaattan dubbadha akkasumas nan jedha. Har’a galgala mana kana keessaa deebi’ee matumaa hin dhufne jedhee yoo ba’e illee, namoota nanaa isin dhugaa ba’umsa walga’ii irratti ta’an kennitaniittu jedheen amana, bakka kamittuu saba keessatti ykn sabaan alatti dhukkubsattoota yeroo hundumaa sana beekan, yeroon dhukkubsataa wajjin taa’e, eenyuma illee haa ta’an, yoom iyyuu ykn eessumattuu . . .

⁶⁷ Akkuma ani guyyaa biraa dubartii asii gaditti paarkii keessatti wal arge ture, isheen paarkii keessa qaxxaamurtee dhufaa turte, Isheen Illinoyis irraa dhufte, isheenis baay’ee dhukkubsattee, paarkii qaxxaamurtee dhufte, akkas jette, “Oo, Obboleessa Biraanhaam,” isheenis achii irraa jalqabde, anis cina isheen taa’e. Hafuurri Qulqulluun duubatti deebi’ee (Isheen ammas jirti ta’a, ishee dha jedheen tilmaama.), deebi’ees deemee waa’ee jireenya isheetii hundumaas itti hime, achi paarkii keessa teessi, ilaalaa, waa’ee . . .

⁶⁸ Isin yeroo tokko illee hin argine, eenyu keessan illee, garuu wanti Inni hime rakkoon dhukkubsataa maal akka ture, wantoota deebi’ee jireenya isaanii keessa, waan turani dha. Sirrii dhaa? Sunis . . . Meeqaa keessantu beeka sun dhugaa ta’uu isaa? Amma harka keessan ol kaasaa—akka mirkaneeffannaatti, sana. Argitanii? Amma, sun hin fayyisu, sun mirkaneeffannaaf qofa, ilaalaa Yesus Kiristoos as jira.

⁶⁹ Hiriyoota koo, halkan lamaan darbanitti, nuti namoota amantii isaanii irratti akka hojjetan qofa gadhiifnee, as keessas isaan dabarsaa jirra, anis as dhaabbachuu qofa yaaleen kallattii kaka’umsaan fudhadha, namoonni yeroo

dhufan, qofa, isaanitti dubbachuu irraa of qusachaa, garuu isaaniiif kadhachaa isaan gidduus darbaan ture asitti, Waaqayyo wantoota dinqisiisaa nuuf godhe. Anis nan gammade isaa olittan gammade, namoota wajjin caalatti wal arguu waanan danda'uufi. Yeroo baay'ee tokko-tokkoo-n, tokko-tokkoo-n, isaan yoo fudhataman itti seenuuf inni yeroo fudhata... hamma namootaa ga'aa ta'e argachuuf. Amma garuu halkan hunda nama shantama fudhachuu danda'utti dhufaa jira. Nan amana torban dhufu dura, yoo Waaqayyo jedhe, halkan hunda nama dhibba ykn isaa ol ni fudhanna. Waaqayyo ni danda'a nan amana...

⁷⁰ Anis gara hunda keessanii dhufuun barbaada, haalli keessan osoo na hin dhoowwin, yeroo isin asiin dhuftan, esuusin Fayyisaa dhuunfaa keessanitti akka fudhattan nan barbaada, asii baatanii amanaa, dhugaa ba'aa, osoo isinitti hin dhaga'amin ykn waan tokko illee dura fayyina keessan labsaa.

⁷¹ Amma, galgala darbe dubartiin dulloomtuu qaroo dhabeetti kan turte, dulloomtuu hiyyeettii tokko gara waltajjiitti fidan, qofa akkuma... dibanniis, baay'ee jabaatee hojjechaa ture, isheenis jalqaba sarara sanaa irra turte. Anis, "Ishee teessisaa" jedheen, daqiiqaa muraasatti ishee nan argadha jedheen yaade. Isheen jaamaa akka turte argeen ture, wantootatti bubbu'aa, isaan—ishee gadi teessisuuf yaalan. Isheen keessaan dhuftu, anis harka koo ishee irra kaa'ee ishees nan eebbise. Akkuma darbuu jalqabdeen, akkuma Hafuurri ishee deebiseen, Inni na dhiibee naanneessee, Ani akka inni xumurame nan beeke, isheen achi turte, qaroo ishee ni argatte. Namni tokko akka isheen achi teessee dubbisaa turtee fi wantoota akka sanaa natti hime ergasii. Waaqayyo akkam akka ishee eebbise! Nuti kkamittis haa galateeffannu!

⁷² Kan biraa gurri kan hin dhageenye, nama biraas kan dubbachuu hin dandeenye, gosoonni dhibeewwanii hundumtuu walga'ii sana irratti ni fayyan. Amma, nuti wantoota gurguddoo eegaa jirra. Ani tasa dubartii hiyyeettii tokko as teessoo irra dhukkubsattee taa'aa jirtun arge. Waaqayyo hunda keenyatti amma haa araaramu.

⁷³ Amma, ani Caaffata Qulqullaa'aa sirriitti dafee dubbisuun barbaada, sararri kadhannaa keenyaa itti fufee arguu dandeenya. Akka isiniif kadhatamuuf qophooftanii? Garaa keessan guutudhaan amantaniittuu? Oo, Waaqayyo isin haa eebbisu.

⁷⁴ Waan keessummaa balbala keenya irraa, isin tarii gonkumaa hin argine ta'a kan—uumamaa olitti gargar baasuu dhukkubootaa. Waan Hafuurri Qulqulluun hojjetu hin beeku. Tarii Inni nama tokko sarara irratti argata ta'a, ykn tokko waan dogoggora ta'e na gaafata, ykn waan akkasii jireenya isaanii keessatti; tarii namni cubbamaan tokko qaxxaamuraan gara

waltajjiitti darba ta'a, Inni tarii achitti na waama ta'a ykn ni dhiisa ta'a. Yeroo hundaa, erga walga'ii irra ta'anii booda arganii waantonni baay'een waamamanii ba'anii, isaan yeroo hundaa qalbii geeddaratu gara waltajjiitti osoo hin ba'in dura, ni qophaa'us, wantoonni suukanneessaa ta'anii fi kkf, baay'een namootatti himamaniiru waan ta'eef, waltajjii irratti. Wantoota sanaaf immoo isin dhugaa baatota.

⁷⁵ Amma, ani Caaffatoota Qulqullaa'oo muraasa sirriitti dubbisuun barbaada, kanaaf . . . Dubbiin koo ni kufa, ani nama, garuu Sagaleen *kun* hin kufu; *Kun* Dubbii Waaqayyoo ti, Inni hin kufu.

⁷⁶ Amma, meeqaa keessantu Yesusitti amantii qabaata? Harka keessan haa ilaallu. Oo, ajaa'iba! Tole. Meeqaa keessantu Inni har'as Inni akkuma kaleessa ture guyyaa hundaas isuma akka ta'e? Oo, sun gaarii dha. Nan barbaada . . . Amma, sun amantii keessani. Anis galgala kana waanan akka qabaattan barbaadu isinitti agarsiisuun barbaada. Qulqulluu Yaaqoob boqonnaa 2ffaa lakkoofsa 14ffaa, 26ffaa illee dabalataan nan dubbisa. Amma dubbisicha sirriitti dhaggeeffadhaa:

Yaa obboleota koo, namni tokko amantii qaba yoo jedhe, hojii gaarii hin qabu yoo ta'e, maal waa'ee baasaaf ree? amantii inni jedhu kun isa fayyisuu danda'aa ree?

Inni hin danda'u. Isin yoo amantan Waaqayyo isin oolcha, isin isa amanuu qabdu qalbiis diddiirrachuu qabdu kan Inni hojjete sana, inni osoo hin dhufin dura . . . inni qulqullumaa hojjeta, argitanii,

Obboleessi tokko ykn obboleettiin tokko bututtuu hin uffattu, akkasumas—nyaata ga'aa guyyaa hin argatu ta'a,

Isin keessaa tokko immoo, nagaadhaan Dhaqaa, isinitti haa ho'u quufaas yoo ittiin jedhe; isaaniif homaa osoo hin kennin . . . waaantota qaamaaf barbaachisan sana; bu'aa maalii qabaaf ree?

Amantiinis akkasumas, hojii gaariidhaan hin agarsiifamu yoo ta'e, inni ofii isaatii, du'aa dha.

Eeyyee, namni tokko garuu, Ati amantii qabaattee, inni kaan immoo hojii gaarii yoo qabaate maal ta'a in jedha: amantii kee hojii malee natti agarsiisi, anis amantii koo hojii gaariin koo hojii koo isa gaariidhaan sin agarsiisaa.

Waaqayyo tokkichichi akka jiru; ati ni . . . amanta mitii: hafuuronni hamoonn iyyuu in amanu, in roqomus.

Garuu beektaa, Yaa namicha gowwaa nanaa, amantiin hojii malee du'aa dha?

Maal . . . Abrahaam abbaan keenya ilma isaa Yisihaqin iddoo aarsaa irratti yeroo dhi'eesse, hojii isaatiin qajeelinatti lakkaa'ame mitii ree?

Kana keessatti amantiin isaa hojii . . . isaa isa gaarii wajjin wal gargaaraa akka ture, amantiinis hojiidhaan fiixaan akka baafame in argita?

Caaffanni qulqulluu keessaa, Abrahaam Waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti in lakkaa'ameef jedhu in raawwatame: innis Fira Waaqayyoo jedhamee in waamame.

Egaa namni amantii duwwaadhaan outuu hin ta'in, hojii gaariidhaan qajeelaatti akka lakkaa'amu in argita.

Akkasuma Rahaab ejjituunis yeroo warra ergamanii dhufan sana simtee, hojii gaariidhaan qajeeltuutti lakkaa'amtee turte, karaa biraas akka ba'an goote mitii ree?

Amma lakkoofsa isa dhumaa, sirriitti dhaggeeffadhaa:

Akkuma dhagni hafuurri keessaa ba'e, du'aa ta'e akkasuma amantiin hojii gaarii hin agarsiifne du'aa dha.

⁷⁷ Amma, amantii kan qabdan hundi, hojiitti hiikuu kan sodaattan, waan tokkoyyuu bu'aa hin buusu. Maaliif, Maaliif waan amantii wajjin wal hin simne hundumaa of irraa hin kaaftan? Amana, waan amantan irrattis tarkaanfii fudhadhaa, waan—isinitti dhaga'amu ykn waan miirri keessan dhugaa isinnif ba'u miti, garuu waan amantiin keessan dhugaa ba'u. Sirrii dhaa? Isin Waaqayyotti amantii qabdu, amantii Waaqayyoo irratti akka qabdaniitti hojjedhaa.

⁷⁸ Amma, Abrahaam yeroo akkas jedhu, “Ani Waaqayyotti amantii qaba,” garuu Yisihaaqi ilma isaa aarsaa gochuu yoo sodaate, amantiin isa gaarummaa hin qabu. Phaawuloos Abrahaam amantiin qajeelummaatti lakkaa'ameef, Phaawuloos waa'ee Waaqayyoo Abrahaam keessatti argee dubbate; garuu Yaaqoob hojjiin qajeelinatti lakkaa'ameef, Yaaqoob waa'ee namoonni Abrahaam keessatti argan dubbata. Argitanii? Waaqayyoo amantii keessan ilaala, namoonni amantii keessan ilaalu. Isinis yoo amantii qaba jettan dhaabbachuus sodaattan hojii achi keessaa baaftanis, achii inni homaa bu'aa hin qabu, inni waan tokkoyyuu bu'aa isiniif hin qabu. Isin amanuu qabdu, isa fudhachuu qabdu, akka isaattis gochuu qabdu, gochuu hin qabdanii?

⁷⁹ Amma, isin yeroo Ergamaan sun dhufu ani dhufuun waan salphaa dha jettanii yaaddu, wanti akkasii, hamma ani beekutti, erga baroota ergamootaati kaasee, takkaa ta'ee hin beeku, anaaf kumaatamoota dura dhaabbachuun, yeroo tokko tokko hamma namoota digdamii-shanii fi kuma soddomaa ta'anitti walga'ii

tokkotti, akkas jedhu...qabsoo gosa akkasii taasisu yeroo achi taa'an immoo *Ilaali, Jireenya, Yeroo, Kolliyer*, ceephoo, doktoroota, waan hundumaas isa wajjin yaa'uu argachuu barbaaduu? Isin sun salphaa dha jettanii yaadduu? Gauu obboleessa koo fi obboleettii koo, Waaqayyo nan amana, qofa waan Inni natti hime, karaa sanaan ta'a.

⁸⁰ Yeroon achi dhaabbadhe dubbadhu mootonni fi hoggantoonni biyyichaa akkan isaaniif kadhadhuuf na waamu, akkas ture...Sababa Inni natti himeef ani isa nan amane. Mootichi guddaan biyyattiis kablegiraamsi dhaqee akkan isaaf kadhadhu natti erge, Mootichi Joorji kan Ingilizii, gosoonni baay'een kan akka sanaas, namoonni gurguddoonni biyyicha guutuu irraas.

⁸¹ Asitti, nama guddaa tokkotu ture, yeroo dheeraa kiraanchii keewwatee kan as taa'aa ture, namichi kongireesii kan koongireesii Yuunaayitid Isteet as taa'aa ture, Mistar Appishowu, waggaa baay'ee naafa ta'ee, waggaa baay'ee, waggaa jaatamii-ja'aaf, miidhamee ture. Kunoo innis galgala kana kiraanchii isaa malee, teessoo isaa malee, waan tokko malee, qofa akka nama fayyaatti deemaa jira. Hafuurri Qulqulluun dhugaa dha. Waaqayyo ni hojjeta...Sun harka isaa wajjin, tokko tokkoon keessan yoo isa hin argine ta'e, sun isa achi jiru dha. Meeqaatu argee ture...namicha Koongireesii argitanii hin beektanii Appishowu, namicha koongireesii? Harka keessan kaasaa isin ilaallaa. Tole, inni waggoota jaatamii-ja'aaf kan dhimma hin baafne ture, inni ni kufe. Osoo as waltajjii kana irra dhaabbachaa jiruu, yeroon ka'e...Waaqayyo Bara Baraa, Isa Abbaa Firdii koo ta'e, na beeka akkan namicha kana jireenya koo keessatti argee hin beekne, ani isa hin beeku. Inni nama hin baranne dha, ani osoon barnoota kamiyyuu qabaadhee, namicha kana nan beeka ture, osoon gara mana dubbisa macaafaa deemee kitaabota dubbisee, akkasumas... Inni pirezadaantummaaf dorgome, bara 1926, jedheen yaada. Nama...Guddaa Joorjiyaas ture, garuu isa hin beekne.

⁸² Galgala tokko, ani as gara waltajjiitti nan deeme, Obboo Bakistar waltajjii irraa bu'ee ture, Ani nan ilaale, as irraan hiixadhee alatti, Waayit Haawus nan arge, waa'ee isaa hunda nan arge, dubbachuun jalqabe, dubbachuus hin dandeenye, Obboo Bakistaritti nan hime. Yeroo muraasa keessatti, Inni ni kufe bakka namichi taa'aa tures nan arge, Isa akka ture nan arge, inni miidhamee nan arge yeroo inni mucaa xiqqoo turetti. Innis naafa ta'ee ture hundaafuu...Anis dhiisufan ka'e, Hafuurri Waaqayyoos bu'uu jalqabe, dubartiin tokkos wiilcharii irraa ol kaatee turte, wantoonni baay'een ni raawwataman bakka Hafuurri Qulqulluun isaanitti mul'atetti, akkuma ani jalqabeen, Mistar Kooppi, kan, Obboleessa Kooppi, paastarichi achi ol fiige, anis, "Deemitii namicha koongireesii sana Waaqayyo fayyiseera jedhii itti himi. Ani isa argeera, osoo inni deemaa jiruu" jedhe.

⁸³ Inni kunoo ti...Dhaabbachuu dandeessaa, nama koongireesii, namoonni si arguu danda'uu? Inni kunoo ti, namni koongireesii Yunaayitid Isteetii Ameerikaa kan waggaa jaatamii-ja'aaf naafa ta'ee ture. Akkas haa jennu, "Waaqayyoon galateeffadhaa." Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa koo.

⁸⁴ "Isaan waan tokko illee hamaa isaa dubbachuu hin dandeenye, sababni isaas namichi isaan wajjin waggaa afurtamaaf balbala irra ciisaa tureera," namichi kunis waggaa jaatamii-ja'aaf dhima kan hin baafne ture. Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis isuma...

⁸⁵ Akkamitti ta'e Obboo Appishowu...? Ani jireenya koo keessatti gonkumaa isa hin argine, Ani homaa waa'ee isaa hin beekne, akkamittan nama koongireesii akka ta'ee fi eenyu akka inni ture beeka? Garuu Hafuurri Qulqulluun waltajjii irratti isa mul'ise. Argitanii? Inni isa ni mul'ise. Kan Isaa... Icitiiwwan Isaa akka beekaman godhe...Amma, sun homaa hin godhu. Argitanii? Ani, sanaaf akkan uumamee turetti raawwatame. Argitanii? Qofa akkuma ciisaa bishaanii fi bishaan Beetasayidaa, inni akkas jechuu hin danda'u, "Ilaalaa ani bishaan guddaa akkan ta'e." Sababni isaa yeroo Ergamaan bishaan keessaa ba'u, inni bishaan ture. Sirrii mitii? Sirrii dha.

⁸⁶ Amma, ani obboleessa kee ti, ayyaana Waaqayyootiin, garuu yeroo Ergamaan Gooftichaa gadi bu'u, inni Sagalee Waaqayyoo isiniif ta'a. Tarii, ani sana jechuun yoon isin aarse, naaf dhiisaa, garuu, akka nama aarse natti dhaga'ame, garuu an isiniif Sagalee Waaqayyoo ti. Argitanii? Sana deebiseen jedha, yerichi kan hafuura ti, argitanii, anis—yeroo jalqabaa waa'ee isaa waan hamaatu natti dhaga'ame, garuu Inni isa irra deebi'e. Amma ilaalaa, ani ofii koo waan tokkollee jechuu hin danda'a, garuu waan Inni natti agarsiise, nan dubbadha. Isin ni amantu, akkasumas ilaalaa waan raawwatame. Argitanii, *inni* ni taasisse.

⁸⁷ Erga walga'iiwwan gurguddoo irra taa'ee booda... Amma as ilaalaa, Obbo Appishowu asitti lallaba Obbo kan Firiimaan jala taa'e. Obbo Firiimaan, oo, maay, tarii Caaffatoota Qulqullaa'aan nama cimaa dha. Ani Obboleessa Firiimaan hin beeku, suuraa isaa ilaaluu qofaan beeka. Garuu shakkii hin qabu, inni nama Waaqayyoo ajaa'ibaa dha. Akkasumas Oraa Roobartis, maay, inni...Oraa nan beeka, Oraa nama Waaqayyoo ajaa'ibsiisaa, lallabaa guddaa dha. Obboleessi Ogilvaay immoo, si'a lama isaan wal ageraa, nama ajaa'ibaa dha. Obboleessi Appishowu achi taa'e, namoonni sunis isaaf kadhachaa turan. Garuu maaltu ta'e? Inni qofa yerichuma keessatti ta'e. Sana boodas isa waliin dhufe, innis—sochii uumamaan olii arge...Argitanii? Inni ajaa'iba mitii? Waaqayyo dubbii Isaa ni erga, Inni waan tokko iddootti deebisuuf mirkaneessa, argitanii. Kanaaf, isa hunda qabna, isaaf galateeffachuu qabna, isin akka sanatti hin yaaddanii?

⁸⁸ Amma, dhugaa ba'umsa isaa keessatti, inni akkas jedhe inni amaneera kanan qabu...Dubbiin Waaqayyoo karaa koo dubbatamaa akka ture. Kanaaf, kiraanchii fi wantoota dakatti dhiisee, innis ni deeme, fayyummaa guutuun. Argitanii?

⁸⁹ Ani namicha sanatti hin dubbadhu ture sana osoo, jalqaba, Waaqayyoo akka natti dubbate hin beeku ta'ee. Argitanii? Sirrii dha. Anis hamma ani beeku hundaan nama hundaaf amanamaa ta'uun yaala. Anis...Osoo achitti...Jesus akkas jedhe, "Wanti isin lafa irratti hiitan Waaqa irrattis kan hidhame ta'a: wanti isin lafa irratti hiiktan Waaqa irrattis hiikamaa ta'a." Amma, sana akka Abbaan eeyyamutti hojjenna. Amma, Gooftaa Jesus isin haa eebbisu.

⁹⁰ Ammas, muraasni keessan kan keessummaa taatan, yoo Hafuuri Gooftichaa, as jiru, yoo Inni gargar hin baasne ykn waa'ee namaa waan tokkoyyuu yoo dubbate, maaliif, ykn—ykn, galgala kana ykn nami tokko sarara irratti, inni—duraan namoota kanaan mirkanaa'eera; dhugaa ta'uun isaa mirkanaa'eera...guyyaa hunda...Har'a...Ani har'a gammachuu keessa of—kaa'uu, kadhachuu, naanna'uu, fi—gammaduu qofan yaalaa ture, beektuu. Yeroon dibaticha jala jiru, nan hir'adha...Ani giddu galeessaan guyyaa dhaan naannoo paawondii lamaa hir'achaan jira—yeroo—yeroon dibaticha keessa jiru. Nan hir'adhe, nan amana, paawondii ja'a, ykn waan tokko, ergan walga'ii kana keessa turee. Kanaaf, har'a ani of boqochiisuun yaale, qofa bakkeettis ba'uu. Wanti naan hojjetamu kun namaa kutaa keessaa humna na jalaa fudhata; kanaaf isinis akka sanatti yeroo baay'ee dheeraa jiraachuu akka hin dandeenye beekna. Ammas kadhadhaa, anis nan kadhadha, achiis yeroo namoota sarara kadhannaa keessatti hiriirsifnu, Waaqayyoo, dhugaa dha, deebii kadhannaa dhageenya.

Mataa keenya gadi haa qabannu.

⁹¹ Yaa Abbaa keenya Jaalatamaa Waaqa irraa, galgala kana baay'een si galateeffadha namoota lakkoofsa qabanii garee Kiristaanotaa kana wajjin carraa kana argachuuf keenyaaf, garee namoota Waaqayyoo fayyan kanaa, ijoollee dhiirotaa fi dubartootaa galgala kana Waaqayyoo kan karaa isaanii irra jiran gara isa guddaatti, bakka gammachiisaa urjiiwwanii olii, dhukkubbiwwanii, fi rakkinaa hundumaan oli. Baay'een galateeffadha, Gooftaa, ayyaana Kiristoosiin, waan Ati obboleessa isaanii jettee na waamteef. Akkam akkan galateeffadhu!

⁹² Ammas, Abbaa jaalatamaa, baay'een galateeffadha namootaaf Ati dhugaa ba'amteetta jalqaba irraa kaasee, wantoota Ati garbichi Kee isa hin baratin, isa hiyyeessaa akka waan dubbatu eeyyamteef, sanas, kan dubbachaa ture Si akka ta'e waan itti argisiifteef, nama hin baratin, hiyyeessa tokko akka hin dubbanne, sanas namoota gurguddoo fi mootota lafa

irraa bira akka inni darbuuf Ati isa fidde...Nan amana sana kan caalu ammayyuu dhufaa jira.

⁹³ Ammas, Abbaa, galgala kana inni carraa koo ti as Kaaliifoorniyaa keessa ta'uun bakka tajaajilli gurguddaan bakka hundatti ta'aa jirutti. Garbichi Kee, Obboleessi Firiimaan, achi gara gadii qarqara irra jira, Ati isa wajjin waan jirtuuf Ati bakka inni jiru beekta. Galgala kanas Ati achi gara gadii kan jiran baay'ee akka fayyiftuufan kadhada. Kenni, Gooftaa, sanas namoonni garraamonni sun, hiriyoonna keenya haalluu qaban baay'een achi keessa jiru. Waaqayyo, galgala kana Ati isaan akka eebbiftuu fi akka fayyiftun kadhada, galgala guddaa haa ta'u. Nutis mana sagadaa olitti dhageenya, kan...[Teeppii irratti bakka duuwvaa—Gulaalaa]....bakka garbittiin Kee, Aaddee, Maakfeersan...[Teeppii irratti bakka duuwvaa]....galgala kana namoota dhukkubsatan hunda garraamota kana tuqi bilisa ba'uu kan dhufan...[Teeppii irratti bakka duuwvaa.] Kenni, Gooftaa.

⁹⁴ Addunyaa guutuu irrattis, galgala kana ijoollee kee hunda yaadadhu, fayyisi, Abbaa. Tajaajilaa hunda eebbisi hojjettoota Kee hunda eebbisi, kanneen gara fuul duraatti tattaaffii gochuuf yaalan hundumaa waan Siif hojjetame tokko—argachuuf homisha qonnaa kana keessatti. Isaan hunda eebbisi.

⁹⁵ Sana booda, Abbaa, galgala kana nu yaadadhu asitti garee xiqqoo kana keessatti, baay'een akka fayyan kadhanna, baay'een akka fayyan, baay'een Argama Kee akka mirkaneeffatan, Gooftaa. Hundi keenya, garbicha Kee dabalatee, tajaajiltoonni hundumtuu, nuti hundumtuu asitti, har'a galgala mana kana yeroo seenne irra caalaatti Kiristaanota fooyya'oo taanee akka baanu godhi, amantii caalu Si irratti, akkasumas jaalala caalu Siif, Abbaa. Haa ta'u, eebbi akka kanaa.

⁹⁶ Galagala kana fedhii Kee Waaqarraa yoo ta'e, Gooftaa, sunis yoo kaan isaanii kan naafa ta'an darbanii gara waltajjii dhufan, akkasumas inni fedhii Kee taanan, kan ani ni ta'a jedhee amanu, bifa dinqii ta'een fayyina isaaniif kennuuf, osoo itti hin yaadin, sana namoonni bakke dhaggeeffatan ala jiran amantii guddaadhaan akka arganii aman, ani nan kadhada inni akka ta'u, Gooftaa. Garuu, yoo ta'uu baates, yeroo nuti Si gaafannu, nuti waan gaafannu akka fudhannu ni amanna. Abbaa, amantii guddaa akka isaaniif kennitu, isaan akka hin jeeqamnen Si gaafadha, garuu as irraa gammachuu, gammadaa, yeroo kamiyyuu isa barbaaduu, daqiiqatti jireenya isaan keessatti haala gaariin akka deeman, ykn akka—argan, ykn rakkoon isaanii maaluma haa ta'u.

⁹⁷ Innis fedha Kee isa Waaqarraa yoo ta'e icciitii garaa tokkoon tokkoon isaanii mul'isuuf haala kana keessa akka isaan ta'an kan isaan taasisse, garbicha Kee gadi of deebisetti

dubbadhu, Gooftaa. Kunoo, nan dhaabbadha, Dhiigni Kiristoos cubbuu koo hundumaa irraa akka na qulqulleessu amanee, ani dabarsituu ta'ee Ati galgala kana namoota Keetti na keessaan kan dubbachuu dandeessu akkan ta'u. kadhannaa koo dhaggeeffadhu, Abbaa, akkuman ani barbaacha garaa koo hundumaan gaafadhetti, Maqaa Ilma Kee, Yesusiin. Ameen.

⁹⁸ Amma, jaalatamoo hiriyoota Kiristaanotaa, ani hundumti keessan kadhannaadhaan akka na waliin taatan nan barbaada. Hundumti keessan, hundumti keessan tarii sarara kadhannaa keessa hin taatan, akkasumas, sun sarara kadhannaa keessa ta'uu barbaada; ani—nan hawwa—osoon danda'ee. Akkuma amantichi ijaaramaa deemeen, nan amana nuti dhibba tokko akka yaallu, tarii, boru galgala, yoo Waaqayyo jedhe. Nutis yoo itti fufne dhibba tokko, baay'ee kan hafuura gargar baasuu yoo ta'uu baate, ani isa nan sirreessa, argitanii. Garuu ani... Keessatti—sana keessatti, yeroo inni dhufe, qofa waan baay'etu jira...

⁹⁹ Amma, yeroo inni muuziqaa sana sirriitti taphachuu jalqabu, ana gadi dhufaa jiraachun Isaa natti dhaga'ama. Inni kunoo ti. Argitanii?

¹⁰⁰ Ilaali, hiriya koo Kiristaanaa, ani bakka isaan jiran hin beeku...fakkiiwwan sana keessaa tokko illee. Garuu isin argitaniittu, isin hunduu, argitaniittuu? Baay'een keessan fakkii Isaa argitaniittu, inni achi duuba qarqara irra jira. Inni Ergamaa Waaqayyoo ta'uun Isaa kan qoratamee mirkaneeffame qorattoota filatamoo Ameerikaan qabdu, FBI dhaan.

¹⁰¹ Amma, inni as waltajjicha irra jira. Inni dhugaa dha, hiriya koo jaalatamaa, akkamitti akka amantan akkattan isin taasisu ani hin beeku, garuu inni—dhugaa dha. Yoo namicha hin ilaalle ta'e, obboleessa keessan, garuu yoo ilaaltan waa'ee waanan ani dubbachaa jiruu, Yesus Kiristoos, Ergamaa Isaa isa fayyisu waltajjii irratti...

¹⁰² Waaqayyo Ergamoota nama fayyisuuf ajajaman akka qabu amantuu? Maal ture inni bofa sibiila diimaa sana booda? Inni maal ture bishaan ciisaa Beetasaadaa irratti osoo Ergamaan Samii gadi hin buune ta'ee. Argitanii? Argitanii? Ani kennaa Waaqayyoo miti, Ergamichi kennaa Waaqayyoo ti; Inni Waaqa irraa dhufa, ani lafa irraan dhufe. Akkasumas Inni Waaqa irraa dhufe haguuguuf, ykn ujummoo lafa irraa uffate namoota lafa irraatti dubbachuuf, argitanii, sana—isaan sana...isin Isatti amantu, ana irratti miti, Isa irratti kan ani dubbachaa jiru, kanaafuu hojjechuun, Waaqayyo isin fayyisa.

¹⁰³ Amma sarara kadhannaa haa waamnu. (Maal—maal—lakkoofsota maalii, ykn, qubee fi lakkoofsa kam kennitan, ilma koo? Shantamii-tokkoo hamma dhibba tokkootti. Qubeen sun maali? U. Ammayyuu U keessaa.) Tole. Shantamii-tokkoo amma dhibba tokkootti. Amma mee haa ilaallu, meeqa...? Haa ilaallu,

shantamii-tokkoo dha, kaardiin kadhannaa kunoo ti? Namni tokko ol ka'aa, qofa harka keessan ol kaasaa shantamii-tokko eenyutu agate, kaardii kadhannaa. Sirriitti achi, shantamii-tokko, kaardii kadhannaa tii? Shantamii-lama as jiraa? Tole. Shantamii-sadii asii? Amma, sun—sun karaa ittiin dhuftanii dha. Amma, sun karicha qofa gara—sanatti fiduuf. Amma, ani danda'eera. . .

¹⁰⁴ Isin yoo barbaaddan, nuti namoota kana asitti ol fiduu dandeenya, akkasumas Waaqayyo qofa sirriitti dogoggora isaan qaban ni hima, ykn ani dhaggeeffattoota keessaa nama tokko gadi waamun danda'a, ykn namni tokko kaardii kadhannaan malee, dibatichi as jira, dibanni kan Hafuura Qulqulluu as jira amma ni argama fayyisuuf.

Amma, meeqa. . .? Amma, waamaa. . .Mee haa ilaallu, meeqa ta'uu qaba. . .? Maaliif, nuti garee guutuu yeroo tokkotti waamuu dandeenya.

¹⁰⁵ Isin hundi amantii qabdu. Isin kan dhufaa jirtan, amma yaadadhaa, isin reefu as seentan, akkasumas yeroo asiin darbitan, isin amana akka fayyuu jirtan. Akkasumas kaan keessan, yeroo muraasaaf qofa taa'aa. Akkasumas dubartittiin—kootii uffatte, ati kadhannaa kaardii argattee, sirriitti, obboleettii, qabdaa? Huh?

¹⁰⁶ Qofa yeroo tokko, mucaan koo qofa natti himeera. . . Amma, isaan kootiiwwanii waliin fi wiilchariiwwanii akkasumas waantota sarara kadhannaa irratti waamamuuf jiranii, yoo sirriitti asii gadiin hiriirtan yeroo. . .lakkoofsa keessan ni waamna, gadi dhufeen isiniif kadhada, isin gara waltajjiitti illee isin fiduun hin barbaachisu yoo isin dhufuu hin barbaaddan ta'e, ykn yoo isaan ol isin fuudhuu barbaadan. . .

Dubartii xiqqoo asitti nan arga—argatteerti. . .Ilaalaa akkamitti isheen teessoo irra akka teessu.

¹⁰⁷ Amma shantamii-sadii, shantamii-afur, shantamii-shan, shantamii-ja'a, shantamii-torba, shantamii-saddeet, shantamii-sagal, jahaatama. Isin sirriitti as irraan hiriirtu, sirriitti keessatti—tartiiba lakkoofsatiin qofa akkaataa jirtaniin. Tole. Tole, jaatama. Sun waa'ee. . .?

¹⁰⁸ Tole, yeroo tokko qofa, waanti tokko bakka taetti dogoggora akka ta'e nan amana. Oo, namni tokko gara argachuutti kan. . . Mucaa dubaraa xiqqoo, ishee dhaa. . .? Yeroo tokko eeggadhaa. Nmni tokko gara oliitti akka qabu barbaaddii? Qofa mee wanti xiqqoon achi haa taa'u. Ati kaardii kadhannaa argattee, damma koo? Mirga siif kadhatamuu qabda. Qofa yeroo tokko, ishee gadi lakkisaa achi teessoo sana irra akka teessuuf.

¹⁰⁹ Maal yaaddu waa'ee kanaa, jaalallee? Kun sirrii akka ta'e amantaa? Ati maal yaadda miira keessummaa sana kan amma si irratti dhufaa jiruuf? Sun Hafuura Qulqulluu dha, mitii ree? Ati sana ni amanta, amantaa, damma koo? Ati waanti

Obboleessi Biraanhaam dubbate dhugicha akka ta'e amantaa, akka Ergamaan Waaqayyoo kana beekuuf na erge? Sana ni amnataa? Nan arga ati—ati naafa taaterta ykn waan tokko, qaamni kee tokko akka si irraa cite nan amana. Sun sirrii dhaa? Sun sirrii dhaa? Eeyyee, sanaa dha. . . Ani hin beeku, nan beekaa, damma koo?

¹¹⁰ Obboleessi achi keessan deeme, akkasumas ilaalaa, inni cabeera, kan akkasii ti, mul'atichi. Amma qofa daqiiqaa tokkoof, amma namni hundumtuu ajajamaa haa ta'u qofa sekondii tokkoof.

¹¹¹ Amma ilaalaa karaa kanaan ammas, damma koo, ani qofa tuquun barbaada. Argitanii, namoota baay'eetu achii alatti amanuuf yaalaa jira, akkasumas sun. . . Amma, eeyyee, uh-huh. Ati qabda a. . . ati qabda. . . Kaansariin akkas godhe, isa mitii, fira koo? Ati fudhatte. . . akkasumas miila kee kute. Ammayyuu caasaan kee, ammayyuu keessa deemaa jira. Sun sirrii mitii? Ani amma siif kadhachuufan jira, damma koo?

¹¹² Abbaa keenya Waaqa irraa, mucaan dubaraa garraamiin achi taa'aa jirtu sun, nan amana akka Ati ishee jiraachiftu, Waaqayyo jaalatamaa. Daa'ima kanaaf araara godhi, jalatamtuu, waan xiqqoo. Amma isheef fayyina kenni. Ani eebba kana nan kadhada, Maqaa Yesus Kiristoos, Ilma Waaqayyootiin. Ameen.

¹¹³ Waaqayyo si haa eebbisu, damma koo. Ati amma akka sirrii ta'aa jirtu ni amantaa? Amantaa? Amma isa fudhattaa? Waaqayyo si haa eebbisu, sun gaarii dha. Sun sirrii dha, Inni si qunnameera.

[Obboleessi Biilii Pool Biraanhaam akkas jedhe, “Abbaa?”—Gulaalaa.]

(Um-hum?)

[Namoonni achi ala jiran hundumtuu, isaan keessaas naannoo digdamaa ta'an qofatu dhufe. Hundumti isaanituu. U, shantamii-tokkoo amma dhibba tokkoo, tokko tokkoon isaanii.”]

(Maal jetta?)

[“Ani U barbaada, shantamii-tokkoo amma dhibba tokkoo, akkasumas digdamii tokko qofaatu jira.”]

(Oo, Oo, tole.)

¹¹⁴ Shantamii-tokkoo amma dhibba tokkoo, hiriiraa, shantamii-tokkoo amma dhibba tokkoo, karaa sana irraan hiriiraa. Tokko tokkoon keessan amma dandeessanitti qofa kan kabaja qabdan ta'aa, garaa keessan guutudhaan amanaa.

¹¹⁵ Inni maal ture, fira koo? [Obboleessi tokko kaardii mucaa dubaraa xiqqoo tokko irratti yaada kenna—Gulaalaa.] Oo, eeyyee. Sun hin fayyisu, qofa. . . Garuu ani garaa koo

guutudhaanin amana... Ani arguu hin danda'u, namoonni socho'aa jiru kanaafuu. Ani mucaa dubaraa sanatti dhi'aachan jira dura... Nan amana ani... Maal...? Isaan yeroo fayyan, ani Ifa adiin arga. Ifuma wal fakkaatu sanatu naanna'ee deema qofa ni eebbisa, Inni akkaataa eebba ti, ani Isa nan arga. Ani nan amana mucaan durbaa xiqqoon gaarii ta'uuf jirtu. Nan amna isheen gaarii dha, obboleettii koo. Argitanii? Ati waa'ee waan tokkoo illee yaadda'uu akka hin qabne nan amana, damma koo, ati fayyaa ta'uuf jirta.

116 Tole. Amma, tokko tokkoon namaa... Amma, isaan arjaa dha, tarii xiqqoo tokko... Amma, keessumeessitoonni isaan tartiiba lakkoofsatiin akka dhufan ni ilaalu, 'sababni isaas ani hin beeku qofa akkamitti waantonni kun akka ta'an. Ani qofa qaba gara—gara... akkuma Waaqayyo socho'uu itti fufuun.

117 Amma, namni hunduu kabaja haa qabaatu. Amma, meeqatu achi duuba sarara kadhataa keessa jira, amma, kan garaa keessan guutudhaan amanuuf jirtan sun—sun si'i dha—kan fayyaa ta'uuf jiruu? Garaa kee guutudhaan amani, ati akka fayyaa ta'uuf jirtu. Amma ofii kee Gooftaa Yesusitti kennitaa, akkas jedhi, "Ani amma Sin simadha, Abbaa koo Waaqa irraa, akka Fayyisaa kootti. Galgala kanas ayyaana Keetiin, maalumaa yoo ta'e, ani yeroo sarara kadhannaa sana keessa dhufaa jiru, ani eebba Kee nan simadha. Akkasumas ani nan amana yeroo harkoota narra kaa'an akkan fayyu. Ani kana booda gonkumaa dhugaa ba'umsa faallaa ta'e hin qabaadhu, Gooftaa amanaan jiraa"? Harka kee ol kaasii, akkas jedhi, "Ani kana nan amana, ani amma qalbiin jijjiirradha"? Waaqayyo si haa eebbisu.

118 Amma, namni tokko yeroo tokko akkas naan jedhe, anatti miti, garuu obboleessa biraatti, a—tajaajilaa tokkotu isa miidhe, akkas jedhe, "Oo, sun qaanii dha! Inni osoo waanti tokko hin ta'in dura amanuuf deema."

119 Akkamitti fayyuuf jirtu inni amantiidhaan yoo ta'e malee? Abrahaam Waaqayyoo amanate kanaaf inni Saaraa irraa daa'ima akka godhatu godhe, waggata digdamii-shaniif inni hin raawwatamne. Yeroo hundumaa inni akka raawwatamuuf jiru amanachuutti jabaatee guddate. Akkasumas nuti ijoollee Abrahaam. Sun sirrii dhaa?

120 Tole. Amma tokko tokkoon namaa qofa amma dandeessan kabaja kan qabdan ta'a. Amma, tarii Hafuurri Qulqulluun... Qofa yeroo tokko. Amma, tarii Inni ni kenna qofa a—hafuura gargar baasuu xiqqoo tokko amman ani dibata gadi fagoo jala ta'utti, qofa yeroo tokkoof, akkasumas—sana booda... kanaafuu namoonni keessan dhufuu danda'u. Nan amana isaan yoo keessan dhufan qofa amanaa, akkuma bishaan ciisaa keessa dhaabbattan, Ergamaan Waaqayyoo as jira waltajjii irra, akkasumas Inni ni hojjeta.

Amma mee haa kadhannu.

¹²¹ Yaa Abbaa, Ati waan hundumaa beekta, ani homaa hin beeku. Garuu—nuti ni kadhanna Ati amma ilaalcha guddaadhaan akka dhuftu namoota Kees eebbisi, isaanittis dubbadhu, Gooftaa, qofa amma, isaanis fayyisi. Akkasumas Ati akka as jirtu mul'ata Kee kenni, akkasumas... garbicha Kee waliin akka taate. Haa ta'u, yaa Gooftaa. Namni hundi haa fayyu. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen. Ameen.

Tole, amma kadhannaa keessa ta'aa. Yoo feetanis...

¹²² Amma, dhukkubsataa keessan, isin fidaa. Amma qofa yeroo tokko. Amma, ani hin beeku qofa sirriitti maal akka ta'e. Akkam jirta, dubartii nanaa? Ani akaakuu akkanaa argachaan ture kanaafuu namoonni keessan dhufaa jiru, beektuu, maaliif, isaan—isaan ni danda'u—dhaga'uu. Jechuun koo namoonni achi ala jiran sun dhukkubsattoota ni dhaga'u, argitanii, sana jechuu koo ti. Akkasumas isin qabdu, isin akka isiniif kadhatamuuf. Akkasumas isin, tarii, waa'ee ofii keessanii xiqqoo tokko beekuu barbaaddu, sababni isaas—ani—sun natti dhaga'ama, inni waan tokko kan isin beekuuf barbaadaa jirtanii dha, keessan—haalota keessanii dha.

¹²³ Ati sodaattuu dha, sodaattuu mitii? Baay'ee sodaatta. Ati ulfaatinnni kee xiqqoo hin hir'annee, sirriitti? Ani nan arga dubartiin na duuba jirtu sun kan si caala ulfaattu dha. Akkasumas, akkas jettu, ati tajaajilaa mitii, ykn waan tokko kan akka Dubbichaa. Ati hin barsiiftuu, ykn waan tokko kan akka achi jiruu? Eeyyee, sun akkas akka ati turte kanan yaade dha. Uh-huh. Amma ati amantaa? Ati yeroo hunda kan itti fuftee dha. Inni maali, kan ati ofii kee dhiphinatti of galchitee dha; ati dhiphina xiqqoo ta'e keessa darbiteerta, maalumaafuu. Ati yeroo dhiyootti dhiphachuu jalqabde, akkasumas akka waanti tokko si irra gaheetti argite, qofa hundumaa cimtee itti fufte. Amma, sun homaa miti garuu seexanni si dhorkuuf yaalaa jira, amma, inni Seexana kan si abaruu yaalu akkasumas kan sana si fuul duratti darbatu. Akkuma... Ati dirqama fudhachuu hin qabdu, ati isa gadi darbachuu qabda—amma amani. Sun dhugaa dhaa? Tole, as koottu qofa yeroo tokko.

¹²⁴ Yaa Abbaa, araara fi arjummaa Keetiif ani Sin galateeffadha, akkasumas qofa amma obboleettii keenya jaalatamtuu akka fayyiftuuf sin kadhada.

¹²⁵ Isin seexanoonni, dubartittii gadi lakkisaa, ishee keessaa bahaa, Maqaa Yesus Kiristoosiin, ishee gadi lakkisaa!

¹²⁶ Amma as ilaali, obboleettii, amma ati fudhattaa? Tole. Gammadaa fi utaalaa deemi, akkasumas gara hojii Gooftaatti itti gali.

¹²⁷ Mee akkas haa jennu, “Waaqayyo haa galatoomu,” amma. Dubartittiin—dubartittiin fayyuuf jirti, isheen ni fayyiti.

¹²⁸ Amma yeroo tokko qofa. Amma, as dhaabbadhaatii kallattii kootiin namni tokko. Amma tokko tokkoon namaa qofa...

129 As koottu, fira koo. [Obboleessi akkas jedha, “Fira koo, rakkoon koo maali?”—Gulaalaa.] Fira koo? [“Fira koo, rakkoon koo maali?”] Tole amma, ati karaa kana qofa yoo ilaalte ani garbicha Waaqayyoo ta’uu koo yoo amante... Amma, nuti—keessummoota deemicha jireenya kanaa keessatti, Ani—si hin beeku, obboleessa koo, amma ati achi dhaabbachaa jirtu qofa caala. Akkasumas ani nan hubadha sana yeroo ati deemtu, hafuura simannaatu jira. Akkasumas ati rakkachaa jirta, sirriitti. Sun sirrii dha. Akkasumas ati—ati rakkoo garaachaa qabda, mitii? Eeyyee, fira koo, sun sirrii dha, ati rakkachaa jirta. Nyaanni si fuul dura dhufee sana booda kan deemun arga, kanaafuu ani beeka. Akkasin jedheen, ati tajaajilaa dha, akkasumaa? Ati tajaajilaa Wangeelaa ti, dabalataan. Sun sirrii mitii? Eeyyee, fira koo. Akkasumas—ati—aamanataa dha, mitii, obboleessaa? Ati fayyuu barbaadda, hin barbaadduu? Amma daqiiqaa tokko qofa dhufu, obboleessa.

130 Abbaa keenya Waaqa irraa, galgala kana harkoota koo garbicha Kee irran kaa’a, Gooftaa. Macaafni Qulqulluun harka isaanii dhukkubsataa irra yoo kaa’an isaan ni fayyuu jedheera.

131 Seexanni, namicha kana gadi lakkisi, ati isa hidhuuf yaalaa jirtaa, Maqaa Yesus Kiristoosiin, namicha gadi lakkisi!

132 Amma, obboleessa koo, maaltu rakkoo garaachaa sitti ta’e waanti wal fakkaatan kan akka dubartii darbite sanaa, inni haala sodaa ti. Ati yeroo muraasaaf sodaataa taate, akkasumas dhi’ootti inni kan duraa irra badaa ta’eera. Sun sirrii mitii? Eeyyee fira koo. Akkasumas sana booda ati wantota kana si qabsiisan rakkoowwan baay’ee qabda, akkasumas kkf. Amma, ati sirriitti deemta... Ani dhugicha sitti himeera. Sun sirrii dhaa? Ati tajaajilaa dha. Sun yoo dhugaa ta’e harka kee kaasi. Sun—dhugaa dha. Tole. Amma ati... Karaan ani ittiin kana beeku hin jiru, karaa Yesus Kiristoos qofaan. Sun sirrii dhaa? Amma, tajaajilaa—a Wangeelaa ta’uun achitti, sitti dhaga’ama, sun sitti dhaga’ama waan keessummaa ta’e tokkotu achi jira, ykn, miira—jaalalaa, akkasumas... Sun sirrii dhaa? Amma, kanaafuu namoonni sun sirrii ta’uu isaa ni argu, harka kee ol kaasi. Eeyyee.

133 Amma, sun Ergamaa Gooftaa kan tajaajilaan kun dhugaa baatuu ta’eefi dha, waan Inni isatti hime dha. Amma, kana caala maali ree, Hafuura Gooftaa? Waaayyo isa Samiitu beeka ani waa’ee namichaa kana caala waan tokkollee hin beeku... Amma garuu as waltajjii irra qofa dhaabbachaa, yeroo inni socho’e, ana hafuura simannaatu natti dhaga’ame. Akkasin jedhe, “Ati amanaa Kiristaana.” Amma, sun hafuuruma sana kan karaa Gooftaa keenyaa Naatinaa’eeliin jedhe, “Ilaa Isiraa’eel dhugaa, amanaa kan ta’e, Isiraa’eel isa keessa... .

Innis akkas jedheen, “Eessatti na beekta Ati?”

¹³⁴ Akkasumas asitti, ani isa argeera, rakkoo isaa, waantota isaa akkasumas haala garaacha isaa, akkasumas kkf, waan sirrii ture, isa dhugaa bahumsa Hafuuratu itti dhaga'ama, Hafuurri inni guyyoota dhumaa keessatti as ta'u hafuuruma isa Gooftaa Yesus Kiristoos nuuf kakate sanaa?

¹³⁵ Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa koo. Deemi akkasumas ati fayyuuf jirta. Akkasumas Waaqayyo si haa eebbisu, akkasumas ta'i. . .

Mee, “Waaqayyo galateeffadhaa,” namni hundi, garaa keessan guutudhaan amanaa Waaqayyo as jira warra amanan hundumaa fayyisuuf.

¹³⁶ Tole, koottu amma, obboleettii. Maal jetta ani osoon ati osoo teessoo irra achi teessuu fayyitee turte siin jedhe? Si'i, obboleettii. Karaa kee irra deemi akkasumas sirriitti gammadi akkasumas fayyi. Ameen.

¹³⁷ Amma, sana tarii dhaggeeffattoonni hubachuu danda'u ta'a, namoonni muraasni. . . Ani hunda keessan kaardiiwwan kadhannaa tokko malee beekuun barbaada achitti karaa kanaan ilaaluuf, akka isin amantanin barbaada.

¹³⁸ Obboleettin xiqqoon sun qofa kan karaa sanaan darbite dhukkuba sukkaaratiin rakkachaa turte waan akkasii, isheen fayyuuf jirti, hiri'ina dhiigaa irraa.

¹³⁹ Amma, amantii qabaadhaa. Amma eeegaa, dubartiin tokko na barbaadaa jirti kootii uffatte. Amma, dubartii nanaa, ani si tuquun barbaada qofa osoon sitti dubbachaa jiruu. Ati kaardii kadhannaa hin qabdu, akkasumas ati keessummaa dha, akkasumas ani si hin beeku, garuu ati artiraaytisiidhaan rakkachaa jirta. Sun sirrii mitii? Inni naafa si taasise, sirriitti. Sun sirrii mitii? Ammas, yoo garaa kee guutudhaan amante, akkasumas yeroo dinqiiwwan Waaqayyoo, ykn, yeroo wantoonni waltajjii irratti ta'uu jalqaban, ani bakka keessan osoon ta'ee, akkasii jedha, “Yesus Kiristoos, amma ani Sin fudhadha.” Nama tokkotu jira dubartii as wiilcharii irra taa'aa jirtu kana dhiibdee darbaa kan ture sanas ani arguu hin danda'u waan ta'aa jiru. Garuu ani—ani nan amana isin qofa garaa keessan guutudhaan yoo Isa fudhattaan, Waaqayyo si hiika, akkasumas ati ka'uu daa'eesa akkasumas gamoo keessaa baatee akkasumas nama fayyaa taata. Amma waa'ee sanaa yaadi. Ati amantii qabaachuuf yaalaa jirta, mitii? Ati qabaachuuf yaalaa jirta. Ati garaa kee keessatti fedhii qabda, sirriitti, akkas mitii? Ati Waaqayyoo waliin deemsa dhiyoo akka qabdun arga, itti dhiyaachuuf, Isaan, Ani sana sii olittan arga, gaaddidduu akka waan naanna'ee si olitti dhiibuu.

¹⁴⁰ Namni ta'e tokko qofa hojjeteera a. . . Amma qofa yeroo tokko, Hafuurri Waaqayyoo socho'aa jira. Nan amana isheen dubartii achi sirriitti taa'aa turtee dha, ykn, namichi, caalatti, sirriitti asitti, lakki, nan amana isheen dubartii teessoo sana

irra jirtuu dha. Waan dogoggora ta'e tokkotu ture, dhiiga, mitii, obboleettii? Akkas mitii hir'ina dhiigaa ykn waan tokko-... Eeyyee, achitti. Sirrii mitii? Miila keetiin ol dhaabbadhu. Yesus Kiristoos si fayyisa. Sun. . . Ameen. Dubartii sirriitti. . . Eeyyee.

¹⁴¹ Kan biraa tokkotu sirriitti ishee duuba jira, sirriitti. Sun sirrii dha. Dhaabbadhu, dubartii. Sun sirrii dha. Ati sanaa ol argachuuf jirta.

¹⁴² Amma daqiiqaa tokko eegi, dubartittii, hiriyaan kee si cinaa teessu, dhimma kaansarii, tole, dhaabbadhu, obboleettii. Gooftaan Yesus kaansarii sana irraa si fayyisa ati qofa yoo amante. Ameen.

Amma akkuma dandeessanitti hundi keessan kabaja kan qabdan ta'aa amma. Tole, mucichi dhiiraa, dubartittii fidi.

¹⁴³ Ati amanattuu mitii, obboleettii? Ati amma Hafuurri Qulqulluun akka as jiru amantaa? Ati waanti sitti dhaga'amu kun Isa ta'uu amantaa? Ani—ani sin eebbisa, obboleettii koo, fayyisuu keetiif, Maqaa Yesus Kiristoosiin. Dhaqi akkasumas fayyi. Waaqayyo si haa eebbisu.

Amma amnatii qabaadhu, tokko tokkoon keessan garaa keessan guutudhaan amanaa.

¹⁴⁴ Amma, obboleettii xiqqoo nanaa, sa'a boodaa kana waa'een isaa maaltu sitti dhaga'ama? Ati amanataa dhaa? Ati amantaa sana—sana Gooftaan akkan kana siif godhu akka na erge amantaa? Ati—agaraa kee guutudhaan isa amantaa? Ati ni goota. Ati maal yaada ani osoon danda'e, waa'ee kee osoon hin beekne, dogoggora kee yoon sitti hime? Ajaa'iba ta'a, hin ta'uu? Amma ilaali, kanaafuu ati kun mirkana akka ta'e ni beekta, ati yeroo muraasaaf calliftee akka kana taaterta, hin taanee? Sun sirrii dha, erga xiqqaa ta'e. Akkasumas mirkanumaan amma, ijji kee moora uffate, sana maaltu fida, ijji kee ilaalcha baay'ee gaarii hin qabu. Sunis rakkoo tokko qabda, sana qofaa miti. Sana booda ati, dabalataan. . . Nan arga sana—sana ati akkaataa Waaqayyoo tajaajiluuf dheebuu qabdutti gonkumaa ofii kee dheebuu hin baane, ati yeroo hunda Waaqayyoo waliin gadi fageenyaan deemuu barbaadde, waan gaaddidduu deemsa kee hordofaa jirun arga. Ati rakkoo onneetiin rakkachaa jirta, sirriitti, (Sun sirrii mitii?), sanatu sirakkisaa jira. Sun sirrii mitii? Amma, maali yoo. . . ? Sun dhugaa dhaa? Ani dhugaan sitti himee?

¹⁴⁵ Amma, ati jecha koo akka garbicha Waaqayyootti fudhattaa? Sun yoo. . . Ani waan jireenya kee keessatti ta'e yoon beeke, waan jireenya kee keessatti ta'e beekun danda'aa? Amma Waaqayyoo fuul duratti Fayysaa keetiif Isa fudhattaa, akkasumas mataa kee olitti isa waliin deemtaa, baay'ee gammadi, akkasumas Waaqayyoo galateeffadhu, hamma dandesse Isatti siqii jiraadhu, dubartii fayyites ta'i? Sanaaf maal gochuu jaalatta? Gara fuul duraatti koottu.

¹⁴⁶ Abbaa keenya Samii irraa, ani dubartii dargaggeettii kana nan eebbisa, wantoota hundumaa irraa fuudhi. Isheen baay'ee dhiibaa jirti, yaa Gooftaa, gara galma sanaatti achitti, achi gahuuf yaalaa jirti. Seexanni osoo hin gahin gara awwaalatti ishee erguufi, garuu Ati ishee fayyisuuf as jirta. Ani ishee nan eebbisa, yaa Gooftaa, dhukkubbiin onnee kun akka ishee gadi lakkisu, isheen is dubartii gaarii a—akka taatuuf. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

¹⁴⁷ Amma, isa ni amanta. Tole. Ati matumaa dawwitiwwan kee of irraa fuudhi, obboleettii, gara waltajjiittiis deemii fayyi. Si haa eebbisu.

Mee, “Waaqayyoo galateeffadhaa,” namni hundi.

¹⁴⁸ Tole amma. Amma, inni dhaga'uu ishee ti. Ani amma sana nan arga, si keessatti . . . Ijoonni kee baay'ee badoo dha, ati jamaa ta'aa jirta. Akkasumas Waaqayyoo akka si fayyisu amantaa? Garaa kee guutudhaan?

¹⁴⁹ Argitanii, namni tokko achi dhaabbachaa jira, na qaxxaamuree jira sana booda. Osoo inni achi hin seenin ani qofa qabuufan jedha. Nan arga waan . . .

¹⁵⁰ Amma, ati jaamaa ta'aa jirta. Akkasumas Yesus Kiristoos agartuu kee siif kennuuf as jira, haadha koo. Sana amantaa? Garaa kee guutudhaan? Amma, haadha koo, ati tarii xiqqoo dulloomterta, garuu Waaqayyoo si jaalata. Yeroon harka kee qabadhu, waa'ee haadha koo ishee jaalatamtuu manaa galgala kana naaf kadhachaa jirtuun yaada; isheen galgala hunda akkas gooti. Ammas eebbi Guyyaa Haadhaa inni guddaan kan ati sirriitti fudhachuu dandeessu, fayyina keen—alatti isa kana, kan ati qabdu, kan ati taatu, gaarummaan ati deebitee arguu dandeessu. Sun ajaa'iba hin ta'uu? Amma, jaalatamtuu haadha koo, ani—ani nan beeka guyyoota kana keessaa tokkoo isaa anii fi ati Waaqayyoo keenya fuul dura ni dhaabbanna. Amma, ani akka Inni Si fayyisuuf gaafachaan jira, akkasumas waanti ani Isatti himu dhugaa ta'uu isaa ni amanta. Akkasumas amma mataa kee akka gadi qabattun barbaada.

¹⁵¹ Abbaa koo, akkuma haati koo mataa ishee jilba koo irra keewwattee, boo'aa jirtuu, Seexanni waan hamaa kana ishee irratti hojjete, narvoonni ija ishee du'aniiru, akkasumas isheen jaamaa taaterti. Garuu Ati agartuu ishee deebisuuf as jirta, yaa Abbaa. Galgala kana isheen gadi of deebiftee akkasumas of kennitee dhaabbachaa jirti, Ani waa'ee Saaraa ishee dulloomtuun yaadaa jira, waa'ee Barxamiwoos isa jaamaa balbala irraan yaada, waa'ee namicha isa Ati biyyoo itti tuftee ijoota isa dibdee. Akkasumas amma, yaa Abbaa, Ati galgala kana yoo as turte qaama foonitiin nu gidduu teesse, isheen ni fiigdi, mataa ishee gateettii Kee irra keewwatti, Ati ishee ni eebbifta, yaa Abbaa jaalatamaa. Akkasumas nan beeka koo . . . Ani nama baay'ee hiyyeessa gadadamaa dha, garuu, Waaqayyoo

jaalatamaa, Ati yoo qajeelummaa barbaadaa turte ta'e, inni eessatti argamee jira? Kanaafuu yaa Abbaa, ishee nan eebbisa, Ati deebitee agartuu ishee akka kennituuf. Maqaa Ilma Kee Yesusiin, hafuurri jaamummaa kun haadha dulloomte kana gadi haa lakkisu, akkasumas amma isheen dhagahuu haa dandeessu. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

¹⁵² Amma, haadha koo, ati waan tokko asitti akka naaf ilaaltun barbaada. Ati na argitaa? Ani gaarii ta'uu koo argitaa? Quba kee funyaan koo irra akka keessun barbaada, qofa kanaafuu ati sana ni beekta ani. . . Quboota koo arguu dandeessaa? [Obboleettiin akkas jetti, "Ani gariin arguu nan danda'a, maalumaafuu."—Gulaalaa.] Tole, amma quboota koo arguu dandeessertaa? ["Oo, eeyyee."] Ati isaan arguu dandeessaa? Ani meeqan of iraa qaba? ["Tokko."] Tole, amma meeqa? ["Lama."] Achi jirta, haadha koo, ati agartuu kee argatterta.

¹⁵³ Maaltu ta'e, Seexana, hafuura jaamaa. . . Amma, Macaafni Qulqulluun akkas jedheera, "Yeroo hafuurri duudaan fi kan hin dubbanne. . ." Amma, doktoriin akkas jedha inni tureera—inni tureera dibbee gurra keetu du'ee ture, ykn ijoota kee, narvoota keetu du'ee ture, bektu. Garuu dhaggeeffadhu, inni maali, waanti inni jedhu qofti, narvoota du'ee ture. Garuu maaltu akka inni du'u godhe? Waan tokkotu ture kan isa qabee fudhachaa jiru uumamaa olitti, inni qaama kee hundumaa olii hin duune, inni qofa achitti du'e. Tole. Amma, ani osoon wadaroo dabarsitiiu naannoo harka kootti qabaadhee, akka *sanatti* qabadhee, tatamsa'ina isaa nan cufa. Argitanii? Tole sana booda, salviin ani naannoo quboota kootitti gohadhe hunduu inni na hin gargaaru, wantoonni ani godhu kana baafachuu dha kanaaf uumamni deebi'ee ni yaa'a. Sirrii dhaa? Tole, humnichi kan—kan agartuu, narvii optikaalaa, ija kee keessa yaa'aa hin turree sabbabni isaas waan uumamaan olii tokko, seexanni, hafuurri jaamummaa narvii kee akkasumas qabachaa jira. Argitanii? Amma inni deemera, kanaaf haala gaariin arguu dandeesse.

¹⁵⁴ Ati gaarii ta'uuf jirta. Amma sirriitti arguu dandeessaa, tolee? Argitanii. . . ? Amma isheen sirriitti argaan jira jetti. Waaqayyo si haa eebbisu, haadha koo. Dhaqiitii waltajjii qabadhu ofii keetiin, baay'ee gammadaa Waaqayyoon galateeffachaa. Mee, "Waaqayyo haa galatoomu" haa jennu.

¹⁵⁵ Akkam jirta, obboleettii? Gara fuul duraatti koottu. Ati kan ija keetii fayyuu qabda, dabalataanis, akkasuma mitii. Waaqayyoo amantaa? Inni yoo dubartii sana kan gara jaamummaatti dhufte fayyisuu yoo danda'e, sana galgala dhumaa tokko guutummaatti jaamaa taate, Inni agartuu kee siif kennuu danda'aa, obboleettii? Amma, waantin ani akka ati hojjettu barbaadu sana amanuu dha amma Kun inni dhiyootti jiru si eebbisuuf. Amma, yoo gara kee guutudhaan sana amante Waaqayyo isa ni taasisa, Inni sirriitti gara keetti yaa'ee si fayyisa, akkasumas si eebbisa, akkasumas karaa sana si irraa

fuudha. Ijootiin kee—badaa ta’aa jiru, isaan dhaabbidhaan badaa jiru. Sun sirrii mitii? Waan wal fakkaataa, inni humna seexanaa ti, obboleettii, sun cufaa dha. . . Doktoroonni waa’ee isa kana caala homaa gochuu hin danda’an, sababni isaas, argitanii, inni—ga’eera, inni matumaa jedheera kanaafuu. Amma, yeroo sana. . . Inni qofa achitti narvii cufaa jira, narvii optikaalaa, kana caala humnichi isa keessa hin yaa’u.

¹⁵⁶ Amma, narvichi harka kee keessatti hin cufamu, ykn—ykn bakka kamittuu hin yaa’u, inni ija kee keessa jira: inni osoo gurroota kee keessan turee, sana booda ati dhagahuu hin dandeessu. Amma, doktorichi narvichi du’eera jedha, mirkanumaan inni qofa miirota shanan irratti hojjeta. Garuu Yesus akkas jedhe, “Hafuurri hamaan yeroo namicha keessaa bahe,” hafuura duudaa. “Hafuurri jaamummaa yeroo nama keessaa bahe.” Argitanii? Inni. . . Inni hafuura, uumamaan oli.

¹⁵⁷ Amma, ati ol’aantummaa aangoo Dubbii Waaqayyootti amantaa kan ani akkan kadhannaa amantiin akkan siif kadhadhuuf ergametti sun hafuuricha si keessaa baasa, akkasumas ati fayyaa taata? Gara fuul duraatti koottu, obboleettii koo.

¹⁵⁸ Yaa Waaqayyo, yaadi, karaa irratti shonkora adii harka ishee keessaa qabdi. Sun yericha. Yaa Waaqayyo, mul’ata argaa achitti kan isaan ishee gadi deebisan homaa gochuun hin danda’amu, garuu, Ati ishee fayyisuu dandeessa.

¹⁵⁹ Seexana, dubartittii gadi lakkisi, hafuura jaamummaa nanaa, ishee keessaa bahi, Maqaa Yesus Kiristoosiin! Ameen.

¹⁶⁰ Amma Ati amantaa? Maaliif, daawitiiwwan kee of irraa fuudhitii deemi. Um-hum.

Achi isheen daawitiiwwan ishee malee deemti. Akkasumas isheen turte. . . Tole. Namni hunduu fuul duratti dhufa amma; namni hundi garaa keessan guutuun amanaa.

¹⁶¹ Akkam jirta, obboleettii? Ani daawitii uffatteen si argaa jira, akkasuma. Eeyyee, haadha koo. Amma, tole. . . Amma, ani nan barbaada akka—akka na ilaaltaniif. Amma, nuti keessummoota, mitii, obboleettii? Ani yaalaa hin jiru. . . qofa gahaa dha amman ani waan ati taate ilaalu danda’utti, akkasumas sana booda nuti sirriitti fuul duratti deemna. Amma, ani nan barbaada gara—gara—gara keetti dubbachuu qofa sirriitti si tuquuf. Lakkii, garuu ati ijoota kee sanatti gahaa jettee hin yaadin. Ati artiraayitisii qabda, hin qabduu? Sun sirrii mitii? Tole. Ani qofa yeroo tokko akka as dhuftanin barbaada.

¹⁶² Abbaa keenya Samii irraa, Seexanni obboleettii keenya hidheera, garuu Ati ishee bilisa baasuuf as jirta.

¹⁶³ Ishee naanna’iitii gadi lakkisi, Seexana, Maqaa Yesus Kiristoosiin, dubartittii keessaa bahi!

¹⁶⁴ Amma, ati akka garbicha Waaqayyooti naaf ajajamtaa? Harkootii keessan ol kaasaa, Maqaa Gooftaa Yesusiin, miilota kee ol kaasi akkasumas gadi akka *kanatti*. Artiraayit deemera, ati dha... Ameen. Amma, asitti...?...

¹⁶⁵ Isheen kana caala artiraayitisiidhaan hin dhiphattu. Waaqayyo isa irraa ishee fayyiseera. Sana qofaa miti, garuu ijoonni ishees dabalataan fayyaniiru, sunis astigimaa dha, inni deemera. ija cinaa mooratu jira. Amma hundi namaa kan kabaja qabdan ta'aa garaa keessan guutuun amanaa. Waaqayyoo irratti amantii qabaadhaa, Waaqayyo isa ni dabarsaa.

¹⁶⁶ Tole, amma dubartittii fidaa. Tole. Akkam jirta, obboleettii? Ani—nan arga dubbisa jirta a—waraqaa tokko asitti, ta'eera, achi keessatti dhugaa ba'umsa nama koongireesitu jira. Sun ajaa'iba ture, hin turree, haadha koo? Inni baay'ee bayeessa. Tole, harmee. Ati waantota rakkina ta'an baay'ee qabda. Sun sirrii mitii? Yeroo dheeraaf rakkoo kaleetiin rakkachaa turteeta, ajaja dubartii dulloomtuu fi waan tokko. Akkasumas sana booda ati artiraayitis qabda, dabalataan, hin qabduu, obboleettii? Ganamaan sirrii irraa ka'uuf yaaluu keen arge, ati galgala guutuu jabaattee turte. Sun sirrii mitii? Sun sirrii dha. Harkootii kee ol kaasi. Yesus Kiristoos guutummaatti si fayyisa amma, obboleettii. Eeyyee. Miila keetiin sadarkeessi ol gadi akka *kanatti*. Isaan ol kaasi... Hin sodaatin. Miilota kee sochoosi ol fi gadi akka *sanatti*. Ati simachuu dandeessa kan kee... Sun sirrii dha, haadha koo. Dhaqii waltajjii qabadhu akkas jechaa, “Galatoomi, Yesus jaalatamaa,” inni gaheera.

Akkas haa jennu, “Galanni Waaqayyoof haa ta’u.” Obboleettiin keenya fayyiteerti. Sun sirrii dha. Amma tokko tokkoon namaa kabaja qabaadhaa yeroo dhuftan.

(Tole, yeroo tokko. Mee kana yeroo tokko ol haa qabaadhu, yoo feetan, hafuurota gargar baasuu jalatti.)

¹⁶⁷ Sun wanta akkan ani jedhu barbaadde dha, maalumaafuu. Ati dhiphachaa turte. Amma, hin sodaatin, argitee: ati yeroo muraasaaf sodaachaa turte. Amma, kana sanatu sitti dhagahama, obboleettii, Inni waanti si miidhu tokko illee hin jiru, Inni waan tokko kan si gargaaru dha. Argitanii? Inni waan tokko kan si gargaaru dha, Inni Ergamaa Waaqayyoo ti. Inni si sodaachisa kan kee—lubbuu kee, mirkanumaan.

¹⁶⁸ Amma, ati garmalee sodaatteerta, hin sodaannee? Ati kana kan argite amma erga laguu dhaabuu irraa dhufteeyyu; ati yeroo muraasaaf sana keessa turte. Sun sirrii mitii? Sirriitti sirrii dha. Miironni dadhabbii dhugaa ta'an si irratti dhufan. Dhugaa mitii? Wantoonni biraas, ati dhukkubbii sukkaaraa qabdaa, sirriitti, dhiiga kee keessatti? Sun dhugaa dhaa? Sun sirrii dha. Tole, rakkoon kalee kan si rakkisaa ture, inni si dhiita'ee dadhabdeerta. Sa'aa boodaa turtee, ati dhaqxee teessoo

irra teesse. . . Sun sirrii mitii? Waaqayyo si haa eebbisu, haadha koo. Gara waltajjii irra dhaqii fayyi, Maqaa Gooftaa Yesusiin.

¹⁶⁹ Akkas jedhaa, “Waaqayyoo galateeffadhaa,” Tole. Tokko tokkoon namaa kabaja kan qabdan ta’aa. Amma yeroo tokkoof. [Teeppii irratti bakka duuwwaa—Gulaalaa.] . . . amma akkuma dhaggeeffattoota kanaa olii, inni qofa gosa aannanii-fakkaata, gosa akkuma kireemii-fakkaata gamoo irratti fannifamaa jira. Maaliif, Inni Hafuura Qulqulluu dha. Akkasumas—akkasumas hiriyoota, Inni qofa isin hundumaa irra jira. Akkasumas ati fayyuu dandeessa ati yoo Isa amante qofa. Amma, yoo danda’e, yoo Waaqayyo na gargaare, ani dhaggeeffattootaaf kadhachuuf yaalaan jira.

¹⁷⁰ Akkasumas gara gadii wiilchariiwwan irratti nuti namoota tokko tokko akka qabnu nan arga, ani gadi dhufee isiniif kadhachuufan jira. (Amma, osoon gara namoota sanaa kan teessoo irra jiranii bira hin ga’in baay’ee akkan dadhabu nan godhinaa.)

¹⁷¹ Amma, amma, obboleettii, ati osoo achitti kootii uffattee jirtuu, yaaluu. . . ani si arguufan yaalaa jira, ani yoon danda’e. Ani waan ta’e hin beeku, achitti lama. . . walakkaa asiitti, argitanii, inni natti cufee jira. Amma, garaa kee guutudhaan amani.

¹⁷² Akkasumas isin achi kiraachii irra kan jirtan, obboleessa koo, teessoo keessa kan jirtu, amma amantii qabaadhu, garaa guutuun amani.

¹⁷³ Amma, tokko tokkoon namootaa yeroon namoota kanaaf kadhadhu na gargaaruu?

¹⁷⁴ Yaa Abbaa, galgala kana obboleettii keenya jaalatamtuu eebbisi, akkasumas isheen haa fayyitu, fayyitee gamoo kana gadi haa lakkiiftu. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

¹⁷⁵ As irraan koottu. Ati ol koottu, kan itti fuftee jirtu. Akkam jirta, obboleettii xiqqoo nanaa? Oo, maay, ani. . . Maali dha. . . Beekta an kee maal. . . ? Ati rakkoo kee akkan sitti himu barbaaddaa? Inni qaxxaamura lafee dugdaa ti. Sun sirrii mitii? Tole.

¹⁷⁶ Waaqayyo, mucaa dubaraa garraamii xiqqoo kana haa eebbisu, akkasumas isheen haa fayyitu, Maqaa Yesus Kiristoosiin.

Oo! Waaqayyo, mucaa dubaraa xiqqoo kana eebbisi, yaa Abbaa. Ati akka ishee fayyiftuu fi fayyaa akka ishee taasiftun Si kadhadha. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

Ati akka isheen fayyitu amantaa?

Koottu, obboleettii.

Abbaa, Ati obboleettii keenya akka eebbiftuufan kadhadha, ishee fayyisi. Maqaa Yesus Kiristoosiin, isa nan gaafadha. Ameen.

Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii.

Tole, koottu, dubartii nanaa.

Abbaa, osoon ani ishee eebbisu Ati obboleettii keenya akka eebbiftuu fi fayyaa ishee gootu nan kadhada. Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

¹⁷⁷ Akkam jirta, obboleettii? Eeyyee. Ati—amantii qabda, hin qabduu? Ati artiraayitisiin akka gadi si lakkise ni amantaa, obboleettii, durumaan.

¹⁷⁸ Tole. Ati haaluma walfakkaata dha, obboleettii. Deemi, garaa kee guutudhaan amanii akkasumas isa fudhadhu, Maqaa Gooftaa Yesus Kiristoosiin.

¹⁷⁹ Tokko tokkoon keessan garaa guutuudhaan amanaa. Tole.

Yoon kadhada akka gadi dhiisu ni amantaa?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, mucaan kun haa fayyu, haati isaas, akkasuma haa fayyitu.

Amma demi, inni fayyuuf jira, rakkinichi isa gadi lakkisee deema, inni ni fayya.

Maqaa Gooftaa Keenya Yesus Kiristoosiin, akka obboleettiin koo fayyitu nan kadhada, Maqaa Yesusiin.

Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii jaalatamtu.

Obboleettii, garaa kee guutudhaan, ni amantaa?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, isheen akka fayyitu, nan gaafadha.

¹⁸⁰ Egaa, amma . . . Koottu, obboleettii. Garaa kee guutudhaan Isa ni amantaa? Tole. Ati yoo akkas goote, Waaqayyo rakkoon onnee kee keessaa akka ba'u godha.

¹⁸¹ Maqaa Yesus Kiristoosiin, isheen akka fayyitu nan kadhada. Ameen.

¹⁸² Obboleessa koo, ati ni amantaa?

¹⁸³ Yaa Waaqayyo, fayyina qaama isaatiif obboleessa koo nan eebbisa. Maqaa Yesuus Kiristoos, ilma Waaqayyootiin. Ameen.

¹⁸⁴ Amma obboleessaa, garaa kee guutudhaan, ni amantaa? Wanti tokko ta'eera. Kana sitti himuun qaba, argitanii, 'sababni isaa—hamman sitti himutti—waan kana keessaa ba'uu hin dandeessu. Yoon sitti hime, akkan raajii Waaqayyootti na fudhattaa? Wanti ati itti qbamtee jirtu tokko jira, garuu sana hin dhiiftu (Akkas mitii?), amala qabdu tokko kan dirqama dhiisuu qabdu. Dhudaa dha. Deemi. Waaqayyo si haa eebbisu.

Tole. Obboleettii koo, ni amantaa?

Maqaa Yesuus Kiristoosiin, fayyina keetiif, obboleettii koo, sin eebbisa.

Amma amanaa deemi, fayyina kee immoo ni argatta.

185 Tole. Obboleettii koo, ni amantaa? Wantoonni baay'een jiru: dadhabbi, yeroo malee laguu dhaabuu, dhukkuba artharayiitii, qofa, sun... Akkas mitii? Baay'ee hamaa dha. Maqaa Gooftaa keenya Yesuusiin, fayyii deemi, obboleettii.

Tole. Koottu, obboleettii koo jaalatamtuu.

Abbaa keenya Waaqa irraa, obboleettii keenya eebbisii amma ishees fayyisi. Maqaa Yesus Kiristoosiin, nan kadhada.

Tole. Obboleettii, amanaa jirtaa?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, fayyina keetiif sin eebbisa.

Amma gammachuudhaan, deemiitii, "Yaa Gooftaa Yesuus, Ati galatoomi," jechaa deemi.

Tole. Amma ni amantaa, obboleettii?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, amma qofa si fayyisee, akka fayyaa taatu Isa nan kadhada.

Deemiitii, "Gooftaa, Sin galateeffadha" jedhi.

186 Amma, dhaggeeffattootaa, uh, namootaa, akkuma—baataniin Waaqayyoon galateeffachuu eegalaa. "Gooftaa, Sin galateeffadha. Gooftaa, Sin galateeffadha," jedhaa. Hundumti keessan kabajaan taa'aa.

Amma, obboleettii, ni amantaa?

Maqaa Gooftaa Yesuusiin, ulfina Keetiif obboleettii keenya fayyisi. Ameen.

187 Tole. Amma, obboleettii, waa'ee isaa maal yaadda? Garaa kee guutuudhaan ni amantaa? Xiqqoo eegi, achitti namoonni... dubbachaa jiru, kunis xiqqoo na jeeqaa jira. Yeroo muraasaaf gara kana ilaali. Waan addaa si irratti hojjechaa jiru tokko nan arga, kana...Xiqqoo sodaachaa jirta, akkas mitii? Egaa, wanti...Kun, sababa jireenyaa amma keessa jirtu dha, rakkoo fayyaa dubartii qabda. Kanaaf, amma Maqaa Yesuus Kiristoosiin fayyitee, akka deemtus nan barbaada. Ameen.

Tole. Tole. Obboleettii, ni amantaa?

Maqaa Yesus Kiristoosiin, fayyina keetiif nan kadhada. Gooftaa, fayyina isheedhaaf kenni.

Amma gammadaa, ililchaa deemi.

188 Tole. Obboleettii, ni amantaa? Ati akkuma dur nyaattu sanatti nyaachuu ni barbaaddaa (Sun sirrii dhaa?) garaachi kee deebi'ee fayyaa gaarii akka qabaatu barbaaddaa? Waaqayyo si haa eebbisu. Waan gochuu feete dhaqii godhi, ameen, Maqaa Yesus Kiristoosiin.

189 Tole. Obboleettii, rakkoo dubartii irraa bilisa baatee, fayyaa ta'uu barbaadda, mitii? Itti fufi. Waaqayyo si haa eebbisu. Ameen.

Mee, “Gooftaaf galanni haa ta’u” haa jennu. (Qofa dubbachuun natti ulfaate. . .)

¹⁹⁰ Tole. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa. Amma waan barbaadde nyaadhu, garaa jabaadhu gammadaas ta’i, Waaqayyo immoo si eebbisee fayyaas si taasisa.

¹⁹¹ Tole. Amma koottu. Tole, obboleessa. Garaa kee guutudhaan yoo amante, ni fayyita agartuun ija keetii immoo akka gaariitti siif deebi’a.

¹⁹² Waaqayyo Maqaa Yesuusiin, obboleessa keenya haa eebbisu.

¹⁹³ Tole. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii. Koottu amma. Fayyaa ta’uu barbaadda, mitii, rakkoo onnee kee irraa fayyuu barbaadda, mitii?

¹⁹⁴ Maqaa yesus Kiristoosiin, isheen haa fayyitu.

(Amma waa’ee isaa maal jettu? Namni hundi. . . Maal jedha? Achi keessa akkan galu feetuu? Isaan kana hunda moo, ykn muraasni hafaniiruu?)

¹⁹⁵ Amma, namoota wiilcharii irra kaa’aniiru, isaan hiriirsuuf jiru, anis gadi dhufaan jira, warreen hafan kanaaf kadhachuufan jira. Galateeffachuu itti fufaa. Mee sarara kana keessaa warra hafan haa finnu. . . ? . . . Inni warra hafan hunda as isaan fida. Tole, dubartii sana as fidaa.

Koottu, obboleettii koo jaalatamtuu. Tole.

Abbaa Waaqa irraa, Maqaa Yesus Kiristoosiin Ati obboleettii keenya akka eebbiftuu fi akka fayyiftuun kadhadha. Ameen.

Sun harka kee irra hangam tureera. . . ? . . .

¹⁹⁶ Koottu, obboleettii. Ati nyaachuu fi akka duraanitti fayyaa ta’uu hin barbaadduu? Wanta si dhibaa ture maal akka ta’e ani akkamittan beeka? Karaa Yesus Kiristoos qofa. Sun sirrii dhaa? Amma deemi, ati Waaqayyoon eebbifamteetta, obboleettii, ni fayyita. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii jaalatamtuu. Ameen.

¹⁹⁷ Tole, obboleettii koo. Oo, wantoonni hedduun si dhiphisaa jiru, rakkoo onnee qabda, akkasumas haalli narvii kee baay’ee hamaa dha.

¹⁹⁸ Yaa Waaqayyo jaalatamaa, obboleettii keenya fayyisi fi fayyaa guutuu isheef kenni, Maqaa Yesus Kiristoosiin Si kadhanna. Ameen.

Eeyyee, kanaaf narviin kee. . . ? . . .

¹⁹⁹ Tole. Oo, maay! Obboleessa jaalatamaa, Ulee deggersaa irratti hirkachuu kee nan arga. Waa’ee kanaa maal yaadda? Kun dhugaa akka ta’e ni amantaa? Ni amanta. Amma, obboleessa koo, ani—si fayyisuu hin danda’u, garuu akka raajii Waaqayyootti yoo na amante, wanti si dhibaa jiru maal akka ta’e beekuu nan danda’a. Garaa kee guutudhaan kana amantaa? Ati

amantaa? Wanti amma sitti dhaga'amaa jiru, Hafuurri achitti hojjechaa jiru—sun Ergamaa Waaqayyooti.

200 Rakkinni kee namaaf hin beekamu. Sirriitti dadhabdeetta, mitii? Dadhabdeetta, baay'ee dadhabde. Sana irratti immoo yeroo—xiqqoo tokko qofa deemta, sana booda immoo dadhabdee achumaan teessa. Sun sirrii dhaa? Sun sirrii dha. Ati akkas gochaa akka jirtu ani akkamittan beeka? Kan ani beeku danda'u karaa mul'ataa qofa, 'sababni isaas ani si hin beeku. Sirrii dhaa? Isaan maal jedhu, sirni narvii keetii, lafee dugdaa keessatti laafeera, obboleessa. Amma yeroo tokko as koottu.

201 Yaa Waaqayyo, nama kana eebbisi, humna isaaf kenni, Ati akkas jette, "Inni ani dadhabaa dha jedhu akkas haa jedhu, 'Ani cimaa dha.'" Gooftaa, yeroo ani isa eebbisu, kadhannaa kana raawwadhu. Maqaa Yesuus Kiristoosiin. Ameen.

202 Waltajjii irraa akka ati deemtun barbaada, Ulee deggersaa kee moofaa sana fudhadhuutii ka'i sana booda gara mana keetti deemi. . . ? . . .

203 Tole. Koottu, obboleettii amma fayyi, rakkoo ijaa irraa, Maqaa Yesuus Kiristoosiin. Ameen. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii.

Tole. Obboleessa koo, ni amantaa?

Maqaa Gooftaa keenya Yesusiin, obboleessa koo fayyisi. Ameen.

Amanaa deemi, obboleessaa.

Obboleettii, ni amantaa?

Maqaa Yesuus Kiristoosiin, obboleettii koo fayyisi.

Ni amantaa, obboleettii?

Maqaa Yesuus Kiristoosiin, fayyina kee fudhadhu. Ameen.

Maqaa Yesuus Kiristoosiin, fayyina kee fudhadhu, obboleettii.

Amma gammachuudhaan, deemi.

Ati Isa ni amantaa obboleettii?

Maqaa Yesuus Kiristoosiin, fayyina kee fudhadhu. Ameen.

204 Galanni Gooftaaf haa ta'u! Tole, hundi keenya, "Galanni Gooftaaf haa ta'u" haa jennu. Harka keenya ol kaasnee Isa haa galateeffannu. Tole. Amma, asitti garee namoota wiilcharii keessa jiran hanga ammaatti bira hin geenye. Amma, hundi keessan na wajjin akka kadhattan nan barbaada. Amma, namoonni kun kaardii kadhannaa hin qaban. ani garuu isaan bira nan dhaqa, isaaniifis nan kadhada, sababni isaa—isaan as taa'anii jiru; isaan keessaa, tokko ykn lama kaardii kadhannaa qabaachuu danda'u jedheen yaada. Isaan wajjin kadhachuun barbaada, obbaloanni tajaajiltootaa koos na wajjin akka hirmaatan nan barbaada.

205 Amma, tokkoon tokkoon isaanii maal akka isaan mudate, akkamitti akka ta'e, fi waa'ee isaa hunda, isinitti himuu nan danda'a. Garuu waan tokko isin gaafachuu barbaada. Ani dhufee yoo isiniif kadhade, Gooftaa koo Yesuusiin akka Fayyisaa keessaniitti fudhattu? Tajaajiltoota keessaa gariin as dhufanii, isaan wajjin haa dhaabatan, isaanis—gargaaruun, guutummaatti, akka hirmaatan haa godhamu.

206 Dhaggeeffattoonni akka kabajaman nan barbaada. Waaqayyo asumatti dinqii guddaa tokko hojjechuu danda'a. Amma, warri dhukkubaan naafatanii qaamni isaanii miidhamee ykn hamaa ta'ee, ofii ka'anii deemuu hin dandeenye achuma haa taa'an. Isaan achi haa taa'an qofa. Amma hunduu kabaja qaba. Tajaajiltoota keessaa tokko tokko as duubaan haa dhaabatan.

207 Michoota Kiristiyaanaa, yeroon isaaniitti gad bu'ee namoota kana tajaajilaa kadhaddhu, meeqatu na wajjin kadhannaatti hirmaata? Garaa keessan guutuudhaan na wajjin ni amantuu? Kabajaan mataa keessan gadi qabattanii kadhannaadhaan ni turtuu? Gooftaa keenya Yesuus namoota dhukkubsatan kana akka fayyisu kadhachaa jirra... Namoonni as taa'an kun, gariin qaamni isaanii hundi laamsha'ee—fi hamaa ta'e, gariin guutumaatti qaroo kan hin dhabne, ulee qabatanii jiran maal gootuu? Ani Gooftaan keenya Yesus akka isaan fayyisu nan amana. Amma warri qaama hir'ina qaban malee hundi keessan taa'aa. Amma hir'ina qaama kan qaban as haa hafan.

[Obboleessi keenya Hool gumichaa qajeelfama kenna—Gulaalaa.]

208 Amma, asitii warra naafatan qofa miti warra laamsha'an hundaa fi warra miidhaman, namoonni tokko tokko waltajjii kana irratti yeroon eebba isin irratti labsu na argitan garaan koo isiniif ni raafama. Isaan keessaa namoonni baay'ee as jiran kan naafatanii fi kan laamsha'an fayyaniiru; kana dhageessaniittu. Fakkeenyaaf, Obbo Appishaawu kan as jiru waggoota jahaatamii—ja'aaf naafa ture, isin keessaa namni tokko illee ijoollummaa irraa kaasee haala inni keessa ture keessa hin turre, Yeroo waggaa kudha torba turetti, dugdi isaa jalqaba yeroo cabu, fayyuudhaaf yaalee ture. Inni akkuma Pirezidaantii keenya Ruuzivelti, du'aan boqote sanaa ture, rakkoon isaa mudhii isaa irraa kaasee isaa gaditti ture. Ani waan Waaqayyo akka ani hojjedhu na ajaje qofan gochuu danda'e, mul'ata arguu fi wanta isa muudate, itti himuu qofa.

209 Isa qofa miti, namoonni biroonis asitti wiilcharii irra taa'anii turan amma garuu halkan kana wiilcharii sana irra hin jiran fayyaniiru, baay'een keessan sana beektu. Torban darbe, Fooniksitti, Waaqayyo namoota wiilcharii irraa akkamitti akka isaan kaase argitaniittu.

210 Ani as dhaabadhee, isin ilaalaan jira, wanti isin keessa jiru maal akka ta'e isinitti himuu nan danda'a, garuu wantoota tokko

tokko kanan hin gooneef yeroo baay'ee namoota wiilcharii irra jiranitti waanan dubbadhuuf, namni tokko akkas jedha, “Egaa, namni kamiyyuu achi ilaalee, namni sun qaama hir'ina qaba jechuu danda'a” jechuu danda'a. Sun dhugaa dha. Tajaajilli koo waan akkasiirratti hin hundaa'u, tajaajilli koo nama fayyaa-fakkaatu tokko, ilaalee, achii wanti isa keessa jiru maal akka ta'e, itti himuu irratti hundaa'a . . . hubattaniittu.

²¹¹ Galgala kanas, dhaggeeffattoota keessaa, isin warra keessummootaaf, hamma danda'ametti Isa isiniif gara duubaatti hambisuuf yaaleera humna koo tursiifadhee namoota kanaaf gadi bu'ee kadhachuu nan danda'a. Amma, ani waan tokkon isin gaafadha: Isin warri hir'ina qaama qabdan fi kkf, ani dhugaa isinitti himaa akka ture ni amantuu? Ani—gara keessan nan dhufa Waaqayyo akka isin—eebbisu—nan gaafadha, tokkoon tokkoon keessaniifis, nan kadhada, isinis Waaqayyo akka isin fayyisu akka isin amantan nan barbaada. Ammallee, Inni hojjechuu danda'a. Sun yoo isinitti dhaga'ame, amantii kana kan ittiin dhaabbachuuf jirtani dha, tole; yoo akkas hin taane, inni isin fayyisu akka danda'u amanaa. Yoo amantii hamma sanaa qabaattan, yeroo dheeraa isinitti fudhata, garuu Yesuus, “Akka amantii keetii, siif haa ta'u” jedheera. Garuu amma, amantii guddaa yoo qabaattan, isin yeroodhuma sana fayyuu dandeessu.

²¹² Namoota qaroo dhabeeyyii muraasa ulee qabatanii as taa'an nan arga, isin akka amantan nan barbaada. Hundi keessan warri dhaggeeffattan . . . Namoonni as taa'an kun abbaa fi haadha keessan ykn nama tokko utuu ta'anii maal gootuu?

²¹³ Amma garaa laafeyyii haa taanu. Wanti ani gochuu danda'u gara isaani dhagee isaaniif kadhachuu qofa. Amma, yoo isaan maal akka mudate fi maal keessa akka jiran beekuu barbaadan, Waaqayyo kana mul'isuu danda'a, kun ni danda'ama. Garuu isaan akka kadhachuuf barbaadu, ani gara isaani dhagee yoo isaaniif kadhada, Waaqayyo akka isaan fayyisu ni amanu. Ani immoo, yoo isaan garaa isaani guutuudhaan kana amanu, ammuma akka ta'u nan amana. Yoo isaan amanu . . .

²¹⁴ Yoo ammuma hin taane immoo, abdii hin kutatinaa, tarii walakkaa sa'aatii booda ta'uu danda'a, tarii torban tokko booda ta'uu danda'a, ani hin beeku, garuu yoo amantan ni ta'a “Akka amantii keetii, siif haa ta'u.” Yoo kun Caaffata Qulqullaa'aa ta'e, dhaggeeffattoonni “Ameen” haa jedhan. Amma garaa keessan guutudhaan amanaa.

²¹⁵ Yeroo meeqa dhaabbata sammun tuqaman fi uuffata jakkeettii gadi dheeraa uffannee, wantootas argineera, amma immoo isaan mana jiru, namoota nagaa dhas, rakkattootaa hunda, argitanii?

²¹⁶ Amma, obbloonni tajaajiltootaa yeroo ani kadhada na wajjin kadhatu; uummannis akkas godha jedheen dinqisiifadha,

yoo isin mataa keessan gadi qabattan. Obboleessa Hool, ati as maayikiraafoonii bira turta. Mucaan dhiiraas, ati osoo ana wajjin hiriira gidduu gadi buutee.

²¹⁷ Waaqayyo ilma koo dhukkubsataniif akka kadhatu akka waamu nan barbaada. Garuu dura wanti tokko ta'ee arguun barbaada isa mirkaneessuuf, argitanii. Yeroo wanti kun adeemsifamu inni akka na wajjin ta'u nan barbaada. Tole.

(Dhaggeeffattoota wajjin dubbachaa jirta.) [Yeroo Obboleessi Biraanham dhukkubsattootaaf kadhatu Obboleessi Hool namootatti dubbata. Teeppii irratti bakka duwaa—Gulaalaa.]

²¹⁸ Michoota Kiristiyaanaa, isin warri garaa keessan guutuudhaan amantan, amma namni hundinuu hamma dandeessan kabaja qabaadhaa, Waaqayyo fayyina keessaniin akka hunduma keessan eebbise nan amana. Namni tokko duubaa fi fuul duraan ija isaa qorachiisaa jira, inni qaroo dhabeessa ture. Dubartiin biraa tokko asitti wiilcharii irraa miila ishee gadi baasaa jirti, dubartii qalama dibatte, Isheen achi irraa daqiiqaa muraasa keessatti ka'uuf jirti. Kunoo dubartiin biraa ol kaatetti. Tole. Amma namni hunduu kabaja qabaadhaa. Hafuura Qulqulluun... Namoonni eebbifamaniiru, ani garaa koo guutuudhaan nan amana.

²¹⁹ Amma, namni gamoo kana keessa jiru hundi, akka ka'ee dhaabatu nan barbaada. Michoota tajaajilaa, gara fuul duraatti baatanii harka keessanis warra dhukkubsatani irra—akka keessan nan barbaada, obboloota koo tajaajiltootaa, gara fuulduraatti kottaa harka keessan isaan irra kaa'aa, akka isaan amantii isaanii guddisanii wiilcharii keessaa ka'anii akka fayyan isaan gargaaruu dandeessu. Amma yeroo kadhannu, hundi keessan harka keessan *akkasitti* gara Waaqayyootti ol kaasaa.

²²⁰ Amma, dubartii, asitti haalluu dibatte, achii akka ol kaatun barbaada. Dubartiin as jirtus, akkasumas achi jirtu, amma garaa kee guutuudhaan amani.

Kiristaanonni hunduu kadhadaa.

²²¹ Amma, Abbaa, namoota kana Maqaa Keetiin eebbifneerra, waan tokko kana beekuun sunis kan Ati “Wantoota barbaaddan kamiyyuu, yeroo kadhattan, amanaa ni argattuu” jettee waadaa galte dha. Dubartii hiyyeettii sana kan siree sana irratti hidhamtee qaamni ishee laamsha'e yoo Ati siree sana irraa kaafta, Ati hunda isaanii kaasuu dandeessa, Gooftaa. Ammuma akka fayyanii fi fayyaa akka ta'an isaan godhi. Kadhannaa garbicha Kee isa gadi deebi'aa dhaga'i, Abbaa. Amma, haa ta'u, Gooftaa.

²²² Seexanni, kan namoota kana hiite, isaaniif kadhatameefii jira, eebbi Waaqayyoos isaan irratti akka ta'u kadhatameera. ati mo'amteetta.

²²³ Maqaa Yesus Kiristoosiin, achii ka'i! Kunoo dubartiin tokko, laamshoftee, teessoo irra turte, amma achii kaatee, fuulduratti dhufaa jirti. Ilaalaa, amma wiilcharii ishee irraa ol kaatee, fuuduratti dhufaa jirti. . . Gooftaa galateeffadhaa! Kunoo kan biraas kaatee dhufaa jirti, dubartiin laamshofte wiilcharii keessa turte, amma garuu dhaabbattee, Waaqayyoon galateeffachaa jirti. Bakka hundumaa kan jirtan, harka ol kaafnee Waaqayyoof galata haa kenninu. Sirrii dha. Achi kan jirtus ka'i. Maqaa Gooftaa Yesusiin, miilla keen dhaabbadhu! Mucaa xiqqaa nanaa, harka kee achi diriirsii fayyi. Wiilcharoonni gara duubaatti oofamaa jiru. Namoonni wiilcharii keessa turan, ka'aa jiru, gariinis kufaa jiru. . . Haalleeluyyaa! Galanni Waaqayyoof haa ta'u! 

51-0505 Ergama Koo
Mana Sagadaa Qaraaniyoo
Loos Aanjeles, Kaalifoorniyaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. Box 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS

P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.

www.branham.org